Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

Bara 32 Lakk. 49 Onkoloolessa 6 bara 2018 Gatiin qar. 20

# "Hoggansi sadarkaan jiru rakkoo hiikuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuufi dhaloota ceesisuurratti cichuun baay'ina, qulqullinaafi ariitiin hojjechuu qaba" Obbo Shimallis Abdiisaa, PMNO

*Galaanaa Kumarraatiin*

Raawwiin hojii Paartiifi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kurmaana 1ffaa bara 2018 Kibxata darbee kaasee guyyoota sadiif Magaalaa Adaamaa galma Abbaa Gadaatti qoratamaa jira.

Waltajjii gamaggama raawwii hojii kanarratti haasaa baninsaa kan taasisan Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa mootummaan naannichaa fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf xiyyeeffannoo kennee hojii hojjechaa jiruun humni raawwachiisummaa hoggansaa bara baraan dabalaa dhufeen qormaatilee mudatan injifachuun bu'aalee gurguddoon galmaa'aa jiraachuu ibsan.





Naannichatti yeroo dhiyoo as xiyyeeffannoo kennamee hojii hojjatamaa jiruun jiruun jijjiiramni gaariin jiraatuus, ammas qormaatiileen hojii barbaadan waan jiraniif hoggansi gaaffii deebisuu qabu deebisee haala ittin injifatee bu'aa caalu galmeessuu danda'urratti ciminaan hojjechuun fayyadamummaa ummata naannichaa sadarkaa barbaadamuun mirkaneessuuf hojjechuutu irraa *Gara fuula 14tti*



*Obbo Tasfaayee Tulluu*

## Naannoo Oromiyaatti hanga kurmaana 1ffaatti galiin qar. bil. 64 ol sassaabamuun ibsame

*Galaanaa Kumarraatiin*

Naannoo Oromiyaatti bara kana hanga kurmaana 1ffaatti galiin qarshii biiliyoonni 64.1 sassaabamuu Biiroon Galiiwwanii Oromiyaa beeksise.

Hoogganaan biirichaa Obbo Tasfaayee Tulluu gamaaggama raawwii hojii mootummaa Adaamaatti geggeeffamaa jirurratti ibsa miidiyaaleef kennaniin bara kana Naannoo Oromiyaatti maddoota galii garaa garaarraa qarshii biiliyoona 287 walitti qabuuf karoorfamee hojjetamaa jira jedhan. *Gara fuula 14tti*

## Mootummaan Naannoo Oromiyaa Doqdoqqeewwan kuma 6fi 800 caasaalee Gandaaf kenne

Galaanaa Kumarraatiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa caasaalee Gandaa humneessuun tajaajila si'ataafi qulqulluu kennuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf doqdoqqeewwan kuma 6fi 800 caasaalee Gandaaf Kibxata darbe kenneera.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, furtuu doqdoqqeewwan tajaajila gandaa humneessuuf oolan dabarsanii wayita kennan ergaa dabarsaniin lapheen Mootummaa Naannoo Oromiyaa mootummaa Gandaati jedhan.



Mootummaan Gandaa bakka hin gahoomneetti mootummaan naannoo cimuu hin danda'u kan jedhan Obbo Shimallis, tarkaanfii seenaa qabeessa Mootummaan Naannoo Oromiyaa *Gara fuula 14tti*

## Biirichi bara kana hanga Kurmaana 1ffaatti lammiilee kuma 256'f carraan hojii uumamuu beeksise

*Kutaa Qophitiin*

Naannoo Oromiyaatti bara kana hanga kurmaana 1ffaa tti lammiilee kuma 256'f carraan hojii biyya keessaafi alaa uumamuu Biiroon Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaa beeksiseera.

Hogganaa Itti Aanaan Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaa Obbo Waasihuun Golgaa gamaggama raawwii hojii Mootummaafi Paartii kurmaana 1ffaa bara 2018 Adaamaatti geggeeffamaa jirurratti Roobii Kaleessaa ibsa miidiyaaleef kennaniin, biirichi bara kana naannichatti lammiilee miliyoona 2.7f carraa hojii uumuuf karoorsee hojjechaa jiraachuu ibsan.

Haaluma kanaan, kurmaana 1ffaa darbe keessatti sosochii hawaasaa bal'aa uumuun carraa hojii biyya keessaatiin lammiilee kuma 198fi carraa hojii biyya alaatiin ammoo



*Obbo Waasihuun Golgaa*

lammiilee kuma 58'f *Gara fuula 14tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Beeksisa

## Arsii

**Obbo Qaasim Nugusee Turaaf**
**Bakka jirtanitti**
Himataan A/A/Bul/Magaalaa Shaashamanneefi himatamaa isin jidduu falmii yakka malaammaltummaa sanada Mootummaa fakkeessanii qopheessuu jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/02/2018 sa'atii 8:30 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa ,hin dhihaanne yoo ta'e,bakka isin hin jiretti kan murtaa'u ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaashamannee

---

Obbo Abbabaa Zagayyee Magaalaa Asallaa Ganda 04 keessatti iddoo mana jireenyaa qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 2427/405/92 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabiyyee kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa.

---

Aadde Safiyyaa Nageessoo waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa lakk.kaartaasaa 7500/99, baldhina iddoo $M^2$ 200, sadarkaa iddoo 1ffaa Magaalaa Kofalee ganda 01keessatti argamu tajaajila iddoo mana jireenyaa kan ta'e dheerina gamoo G+0 ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Kofalee.

---

Aadde Masarat Ayyaalewu Magaalaa Asallaa Ganda 01 keessatti iddoo mana jiraanyaa mirkanaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 14798/56/98 ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee biraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

---

Obbo Muhaammad Kadiir Gaazee Magaalaa Asallaa Ganda 03 keessatti iddoo mana jiraanyaa mirkanaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk. isaa 0033/150/87 ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee biraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

---

**Obbo Kadiir Abdulleetiif**
**Bakka Jirtanitti**
Iyyattuun Aadde Badriyaa Kadiirifi waamamaan isin gidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/03/2018 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan jechaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Shari'aa Aanaa Magaalaa Asallaa

---

**Kaliil Tukulee, Muktaar Waarituu, Xilaahun Tufaa, Quffaa Baashir, Damee Aragaa, Gammadaa Waarituu, Zanabach Kadiidoo,Tashaalaa Abdallaa,Zamzam Abdallaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan A/A/Bul/Magaalaa Shaashamanneefi himatamtoota isin jidduu falmii yakka malaammaltummaa aaangoo garmalee fayyadamuufi sanada sobaa qabatanii jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'atii 8:30 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa ,hin dhihaanne yoo ta'e,murtiin bakka isin hin jiretti kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaashamannee

**Obbo Mangistuu Dhaabaa Zallaqaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan WaldaaAksiyoona Hiddasee Teleekoom Distiriktii Kibba Bahaafi himatamaa isin jidduu falmii maallaqa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin iddoo isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii

---

**Obbo Abdallaa Bookuutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Faaxumaa Saafoofi himatamaa isin jidduu falmii dhiraafi niitummaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhiyaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, falmiin iddoo isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo.

## Baale

Obbo A/Jabbaar Huseen Shaazaa waraqaa ragaa abaa qabeenyummaa ragaa Lafa mana jireenyaa Lakk. Galmee A-3589 ta'ee fi Lakk.seerii Kaartaa isaa 1197/96 kan ta'e maqaa isaaniin Magaalaa Roobee Kutaa Magaalaa Adooshee Walaashee Ganda Baha Biiftuu keessatti galmaa'ee argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti WLM/Roobeetti akka dhiyaatanii beeksiftan, yoo hin dhiyaatiin kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

---

Obbo Maandafroo Hayiluu waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,lakk.kaartaa 267/2002, Kuusaa (Galmee) M-3536 ta'e,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate galmeen yeroo banameefii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee

---

Obbo Muktaar Kamaal Abdaa waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,lakk.kaartaa 5408/2004, Kuusaa (Galmee) faayilii M-213 ta'e,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate galmeen yeroo banameefii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee

---

Iyyattuun Aadde Yeshii Baay'isaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 490 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamurraa hirisanii 245$M^2$ kan ta'e Obbo Sisaay Aliyyiitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Yeshii Baay'isaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 490 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamurraa hirisanii 245$M^2$ kan ta'e Obbo Abbabaa Baraggaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Usmaan Muhaammad mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu H/Abduu Muhaammaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Ayyalaa Maammoo mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Aadde Taaddalech Fursaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Kadiir Adam mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Balaaynehi Baqqalaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Kadijjaa Abdaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu H/Abduu Muhaammaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Aadde Maanxagboosh Daggifee mana jireenyaa Magaalaa Maliiyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Tashoomaa Girmaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan hayyamamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

## Boorana

Aadde Fitsuum Hayilee B/B Wasanee Guddisaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Abbaa Gafarsaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 467 irratti argamu,lakk. Saayit Pilaanii 2176/B/M/N/B/01/01/01 ta'e, Aadde Aminaa Kuloo Mahaammaditti gurgureen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaankun kan mirkan'a'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Obbo Bishaar Mahaammad Nuunow B/B Hindiyaa Muktaar qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda 02 (Malkaa Odaa) keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 458 irratti argamu, Lakk.Kaartaasaa 8139/B/M/N/B/01/01/01 ta'e,Obbo Hasow Alii Gurraachaaitti gurgureen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkan'a'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Obbo Maaliim Isaaq Hussee Kiitibeefi Aadde Abiidaa Saalaah Sh/Ibiraahiim qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Lakk.Saayit Pilaanii 10616//B/M/N/B/01/01/01 ta'ee Magaalaa Nageellee Booranaa ganda Malkaa Odaa keessaa lafa kaaremeetira 452 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Obbo Yaahiyaa Abdurhamaan Huseenitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

---

Aadde Heeleen Alamaayyoofi Obbo Beezaahun Taarraqanyi qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 0149/BMN/01/01/02 ta'e Magaalaa Nageellee Booranaa ganda Daannisaa Oliyyee keessaa lafa kaaremeetira 200 irratti galmaa'ee beekamu Aadde Mastaawot Zarihunitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

**Kallacha Oromiyaa**

**Bara 1986 hundeeffame**
**Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,**
**Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama**

**Qindeessaafi Gulaalaa Muummee**
Addunyaa Hayiluu
**Itti aanaa Gulaalaa Muummee**
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

**Qopheessaa Beeksisaa**
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ijoo

## Hoggansi ergamni isaa dhaloota kana bira kan darbu ta'uu hubachuun, raawwii hojiisaa galmoota qabsoo Oromoo qabameen madaaluu barbaachisa!

Mootummaan Naannoo Oromiyaa barii jijjiiramaa jalqabee xiyyeeffannoon isaa injifannoo siyaasaan gonfatame dinagdeenis dabaaluun biyya utubuuf carraaqqii cimaa taasisaa tureera taasisaas jira. Ejjennoo kana milkeessuuf tarsiimoofi sagantaalee fayyadamummaa dinagdee uummataa mirkaneessan hojjetaa jira. Hojiin hojjetamu kunneenis ariitii qulqullinaafi baay'inaan akka ta'uu xiyyeeffannoo olaanaan hojjetamaa jira. Kanaanis jijjiiramoonni dhugaan bahamuuf hedduun hojjetamaa jira,bu'aaleen lakkaa'aman hedduunis mul'ataa jira.

Karoora Imala Badhaadhinaa waggoottan shaniifi kurnaniin qoqqoodamanii hojjetamaa jiran kana keessatti yeroo yeroon(kurmnaanota,ji'oota jahaafi waggaa) bu'aa raawwii gamaggamuun ciminoota jiran itti fufsiisuufi hanqinoota mudatan maksuun kallattii fuulduraa kaa'amaa jira.

Haaluma kanaan raawwiin hojii kurmaana 1ffaa bara hojii 2018tiis gamaggamamaa jira. Waltajjii qorannoo raawwii hojii Paartifi Mootummaa kurmaana duraa bara 2018 guyyaa Dheengaddaa jalqabee gaggeeffamaa jira. Waltajjiin kun, barii biyyi keenya ji'oo-istiraateejii bishaan laga Abbayaa itti deeffate, akkasumas gaaffiin ulaa galaanaa keenya beekamtii idila-addunyaa itti argatetti adeemsifamuudha. Kanaaf miirri ittiin hojiin qoratamuus galma badhaadhinaa hawwamu bira gahuuf tattaaffii taasifamuuni.

Gamaggama kanaan waggoottan darbanitti dandeettin raawwachiisummaa hoggansa naannoo keenyaa dabalaa dhufuun isaa akkuma jirutti ta'ee, qormaatileen keenyas bifuma walfakkaatuun dabalaa jiru. Waggoota jijjiiramaa kanatti, injifannoo gufuuwwaaniin milteffamee heddu darbameera. Waggoonni fuldura keenya jiran ammoo yeroo ummata keenyaaf heddu murteessaa ta'uu hubachuun ammas gaaffiin hoggansaa wiirtuu qorannoo kanaa kan ta'ee gaggeeffamaa jira.

Qorannoon kunis qoodattoota hoggansaa afran giddugaleeffachuun kan gaggeessinu ta'a. Bu'uuruma kanaan, toorawwan hoogganu (haala, inisheetiviifi tajaajila), rakkoolee furru (qusannaa, dhaweesummaafi al-seerummaa), humnoota hoggansaa (mootummaa, humna waloofi badhaadhina maatii), akkasumas hammantaa (baay'ina, ariitiifi qulqullina) hagam tarkaanfachiisaa akka jirru sirnaan kan ilaalamaniidha.

Dabalataanis xannachoota sirna keenyaa kanneen akka hannaa, networkii, hojii dhabdummaa, qaala'iinsa gatiifi injifannoo xixiqqaatti ofdagachuu osoo hin barbaadin xiiqiin ilaalamuu dhimma qabaatuudha.

Walumaagalatti, hoggansi kamuu ergamni keenya dhaloota kana bira kan darbu ta'uu hubachuun, raawwiin keenya galmoota qabsoo Oromoo qabameen madaalufi qorachuun, sabboonummaan keenya gochaan dabaalamuufi dhiisuu isaa gadifageenyaan ilaaluu barbaachisa. Argannoo qorannoo kanaarratti hundaa'un, kurmaanota fuldura keenya jiran keessatti, akkaataa jijjiirama hiikoo qabu fiduun danda'amu irratti kallattiin akeekama.

# Rakkoo hawaasa keenyaa hundeerraa furuuf pirojeektota ariitiifi qulqullinaan hojjechuun murteessaadha



Mootummaan Naannoo Oromiyaa fayyadamummaa hawaasa keenyaa gama hundaan mirkaneessuun imala karoora badhaadhinaa galma yaadameen ga'uuf pirojeektota rakkoo hawaasa keenyaa hundeerraa furan ariitii, qulqullinaafi baay'inaan hojjechuun tajaajila hawaasaaf oolchaa jira.

Haaluma kanaan Biiroon Daandiifi Loojistikii Oromiyaa galma kana saffisiisuuf tajaajila mootummaafi uummata walitti dhiyeessuun rakkoo bulchiinsa gaarii gama kanaan jiru hiikuuf hawwasa keenya daandii gurguddaarraa fagoo jiruuf raqichoota rarra'aa (trail bridge) hojjetee xumuruun hawaasaaf dabarsaa kan jiru yoo ta'u, guyyaa har'aa kanas haala pirojeektiin bara darbe Magaalaa Bishooftuu Aanaa Abbuu Seeraa Ganda Abbuu Garbiitti hojjetame hawaasa Aanichaafi Aanas Sabbataa Hawaas wal quunnamsiisu ilaaluun bara 2018 pirojrektii akkanaa biroo 31 hojjechuuf akka jiru ibseera.

Biiroo Daandiifi Loojistiikii Oromiyaatti Qindeessaan sagantaa pirojeektii kanaa Obbo Mogos Mulugeetaa akka ibsanitti, Mootummaan rakkoo hawaasa keenyaa furuuf hanga ammaatti akka Oromiyaattii pitojeektota 52 hojjechuun xumuruu ibsuun, yeroo ammaa kana pirojeektonni riqicha rarra'aa kun 7 hojjetamaa jiruu himaniiru.

Bara 2018tti pirojeektota akkasii akka biyyaatti hojjetamuuf karoorfaman keessaa pirojeektonni 31 akka Oromiyaatti hojjetamuuf diizaayiniin hojjetamee xumuramuun hojii galamuuf akka jiru dubbataniiru.

Pirojeektiin kun hariiroo hawaasummaa cimuu, miidhama hawaasa keenyaa hir'isuu, tajaajila mootummaa hawaasatti dhiyeessuufi mootummaafi hawaasa gidduutti riqicha cimaa uumuu akka danda'u ibsuun, fedhiin uummata keenyaa guddaa ta'us rakkoo hawaasichaa sadarkeessuun adda baasuun hojjetamaa akka jiru obbo Mogos ibsaniiru.

Kaayyoon pirojeektii kana ilaaluu inni ijoon haala inni irra jiruufi fayidaa inni hawaasa keenyaaf kennaa jiru hubachuun projeektota akkasii biroo hojjechuuf akka ta'e ibsuun, Pirojeektiin kun kan uummata keenyaa waan ta'eef hawaasni kununsuufi eegumsa barbaachisu taasisuun itti fayyadamuu akka qabu dhaamaniiru.

Bakka buutuun Dhaabbata HELVETAS swiss intercooperstion ethiopia aadde Meroon Wubishet rakkoo hawaasa daandii guddaarraa fagoo jiranii furuuf dhaabbanni isaanii mootummaa waliin hojjechaa jiraachuu himuun, hojii kanas akka biyyaatti babal'isnee hojjechuuf karoorfatanii hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Kana dura pirojeecktiin kun naannoo Amaaraatti bal'inaan hojjetamaa turuu kaasuun, yeroo ammaa kana Oromiyaa keessattis pirojeektonni 52 hojjetamanii xumuramuun tajaajila hawaasaaf kennuu eegaluufi kan biraa hojjechuuf akka jiran himaniiru.

Jiraattonni Aanichaas rakkoo yeroo dheeraaf ture mootummaan hiikuufi dubbachuun, barattootaaf haalli mijachuu, rakkoon hawaasummaa ture furamuufi balaa lolaaf saaxilamuun hafuu dubbatu.

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

Aadde Yeshii Kabbadaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Malkaa Odaa waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa orjinaala lakk.isaa 144/80 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,waan na jalaa badeef haaraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Ingiduu Kabbadaafi Obbo Sintaayyoo Mindaayee Asaffaafi Aadde Maasirashaa Mindaayee Asaffaa fi Bintaaniyaa Mindaayee Asaffaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 5.2 irratti argamu,lakk.saayit pilaanii 10187/B/M/N//B/01/01/01 kan ta'e,Obbo Amiin Sulxaanitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Husseen Boruu qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa Obbo Isaaq Husseen Boruutiin galmaa'ee ballina $M^2$ 512.8 irratti argamu,lakk.kaartaa 10126/BMNB/01/01/02 kan ta'e, Obbo Isaaq Huseen Boruutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

# Bunnoo Beddellee

Obbo Sammaawu Geetachoo Magaalaa Beddellee Ganda Abbaa Bokkuu keessatti mana jireenyaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.kaartaasaa L-02073/14 ta'e,haadha warraa isaanii Aadde Zamzam Alii waliin horatan Obbo Biqilaa Hancaaluutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gara bitataatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Beddellee.

Obbo Baalchaa Nagawoo waan du'aniif haadha manaa isaanii Aadde Yeshii Masfiin dhaaltuu sadarkaa duraa ta'uu mana murtiin waan mirkneeffataniif kaartaan maqaa obboleessa isaanii Wabii Irkootiin akka bahu dhaaltoonni iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa gara dhaaltootatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Obbo Taammiraat Maammuyyee qabeenya dhaabbataa mana jireenyaa Magaalaa Makkoo Ganda 01 keessaa qaban ,lakk.kaartaasaa 818/2018 ta'e,ballina $M^2$ 392 irratti argamu Obbo Solomoon Girmaayeetti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Makkoo

Obbo Habiib A/Booraa mana balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee A/Booraa keessaa qaban Obbo Yenuus Umar Tashoometti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Nuraddiin A/Luleessaa mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee G/Haaraa keessaa qaban ,Aadde Sukutii Hassan A/Simbootti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Naasir Abduu Koodraa mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo keessaa qaban , Aadde Kuzeemaa Shamsuu Ahimaditti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Jihaad A/Boor mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Burqaa Garee Biiftuu keessaa qaban,Aadde Naziir Daawud Raabaatti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Mukkaram A/Maccaa A/Simboo mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Haroo keessaa qaban, Obbo Musxafaa A/Maccaa A/Duraatti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Jihaad Abbaa Simal Abbaa Saambii mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee Haroo Xiqqaa keessaa qaban Obbo Saadiqoo Muhiddiin Huseenitti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu. Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo.

Obbo Nurazaman Hassan Maammoo mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee N/Masjiidaa keessaa qaban ,Aadde Sukatii Hassan A/Simbootti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Shee Mahamuud Abbaa Luleessaa mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee Ukee keessaa qaban, Aadde Maashoo Abbaa Garoo Yaasinitti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Hawwii Abbaa Bulguu mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee Dirree keessaa qaban,Obbo Firoomsaa Galataa Afataatti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Aadde Zamzamuu A/Waarrii mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee G/Haaraa keessaa qaban ,Obbo Jihaad A/Jihaaditti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Obbo Habiib A/Booraa mana balbala tokkoo Magaalaa Yemberoo Zoonii Magaalaa Garee A/Booraa keessaa qaban Obbo Yenus Umar Tashoomeetti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Yemberoo

Aadde Amsaalewarq Faxxanee Magaalaa Beddellee Ganda Sh/Gootaa keessatti mana jireenyaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 250 irratti argamu,Obbo Yimen Kaasaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gara bitataatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Beddellee

Obbo Shaafii Sayid mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa 00922 ta'e Obbo Taraamaj Tasfaayeetti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaa mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Aadde Maqdas Yimar mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa 00292 ta'e ,karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Zarihuun Adunyaatiin Aadde Ye'aalaganeshii Muluutti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaa mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Dhaaltoota Nama – 4 Obbo Tashoomaa Shifarraaw, Tsiggee Shifarraaw, Nigaatuwaa Shifarraaw fi Abbebbee Shifarraaw mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone lakk. kaartaasaa 00178 ta'e ,karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Nasiruu Jamaal Hassaniin Obbo Nasiruu Jamaala Hassanitti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Dhaaltoota Usmaan Abduu Namoota –3 Obbo Muusaa Usumaan, Qaasim Usumaanifi Naziif Usumaan mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti argamu, qabeenya hin sochoone ,dhaaltummaadhaan gara maqaa isaanitti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate dhaaltummaan mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Obbo Addisuu Faantee mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu qabeenya hin sochoone Lakk.kaartaasaa 00869 ta'e ,Obbo Awaluu Badiruutti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaa mana kanaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Obbo Garramuu Girmaa qabeenya dhaabbataa mana jireenyaa Magaalaa Makkoo Ganda 01 keessaa qaban ,lakk. kaartaasaa 376/2012 ta'e,ballina $M^2$ 250 irratti argamu ,Obbo Heyidar Usmaa'eeltti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Makkoo

Obbo Tashoomaa Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee Ganda Abbaa Bokkuu keessatti qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu haadha warraa isaanii Aadde Qonjiit Habtawaldi waliin horatan ,ballina $M^2$ 400irratti argamu, lakk.kaartaasaa 4929/2017 kan ta'e, Aadde Meeroon Tashoomaatiif waan kennaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaala Beddellee.

# Gujii

Obbo Duubaa Aannaa mana jireenyaa Lakk. isaa OR003010508031 kan ta'e Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Hooxxessaa Haalakeetti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Liidiyaa Yohaannis Shorbootee mana jireenyaa Lakk.Ad/GLG/03/10/004 kan ta'eefi Kaartaa Lakk.7024/15 ta'ee Magaalaa Adoolaa Waayyuu ganda L/Gafarsaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 400$M^2$ irratti argamu dabarsanii Aadde Eelsaabeet Tasfaayee Damisseetiif gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Waayyuu

Obbo Zamadkuun Axinaafuu mana jireenyaa Lakk Lakk. Ad/GLG/02/01/002 kan ta'eefi Kaartaa Lakk. 8101/16 ta'e Magaalaa Adoolaa Waayyuu ganda L/Gafarsaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 200$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Fiqiruu Hirphaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Waayyuu

Obbo Tashoomaa Daamisee mana jireenyaa lakk.isaa OR003011007007 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$252.21 irratti argamu , Muluu Xilaahunitti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Mangistee Dannaqee mana jireenyaa lakk.isaa OR003010610021 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 226 irratti argamu ,Obbo Shibbiruu Xephelaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Boggaalee H/Maariyaam Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 500 irratti argamu ,Obbo Gazzaanyi Worrraasaatti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Tigisti Magarsaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003011007008 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$143.44 irratti argamu Aadde Muluu Xilahunitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

# Aadaa

*Oliifan Raggaasaa*



## Caaccuu - Faaya Ulfoo Dubartoota Oromoo

Aadaan yaada bal'aa yookan walxaxaa kan akka afaanii, seenaa, beekumsa, amantaa, aartii, safuu, seera, duudhaafi kkf barsiifatoota biroo gareen hawaasaa waliin qooddatan hunda hammatuudha. Kunis waan gareen hawaasaa qabu, yaaduufi raawwatu mara hammata. Beekumsa kuufamaa dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeedha. Aadaan qaama baay'ee barbaachisaafi murteessaa nama ta'uuti; namni guutummaatti aadaa malee jiraatu hin jiru.

Aadaan uumamaan osoo hintaane kan dhalli namaa tolfate ykn amaleeffateedha. Kanaafuu, aadaan meeshaaleerraa, yaadarraa, sonarraa, ilaalcha hawaasaarraafi haala jireenyaarraa madda. Aadaan bakka gurguddoo lama; aadaa qabataafi aadaa hafuuraa jedhamuun qoodama. Aadaan qabatamaan kan namoonni fedhii meeshaafi xiinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha hojjatan, waantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Isaanis aadaa, amantaafi falaasama hawaasa tokkoo kan calaqqisiisaniidha. Namoota ilaalchaafi barsiifata tokko qabaniin dhalootaa dhalootatti bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutiin qabeenya aadaa darbuu danda'aniidha.

Aadaan qabatamaan nyaata aadaa, meeshaa manaa, mana, lafa, meeshaalee muuziqaa, meeshaa ittiin ofeegan, tulluu, qoricha aadaa, ogummaa mana ittiin ijaaraniifi kkf ta'uu danda'u. Meeshaaleen aadaa bifoota hedduun jiraachuu kan danda'an yoota'an gariin dhaabbatoodha. Fakkeenyaaf, bobbocaaawwan,ijaarsonniifi meeshaaleen mana keessatti itti fayyadaman dhaabbatoodha. Kanneen dhaabbatoo hintaane muraasni kanneen akka dhangaalee, dibatoota qaamaafi faayota tokko tokko. Meeshaaleen aadaa dhaabbatoo ta'anis ta'uu baatanis qabatamoodha. Qaqqabamuu, mul'achuu, nyaatamuufi keessa jiraatamuu kanneen danda'an jechuudha. Gama biraatiin, aadaan hafuuraa firii hojii ilmoo namaa kan hin mul'anne ykn qabatama hin taane jechuudha.

Aadaan hafuuraa akka hawaasni ykn ummanni tokko jireenya mararfataa, sirnaawaafi safuu qabu jiraatan isaan dandeessisa; akka itti waa yaadaniifi dalagan qajeelcha. Aadaan hafuuraa bu'uura gosoota aadaa warra kaan hundaati. Aadaan hafuuraa hin mul'atu, hin qaqqabamu garuu wantoota qaqqabamaniifi mul'atan uuma. Kanaafuu, aadaan qabatamaafi hafuuraa walmalee jiraachuu hin danda'an; walguutu; waltumsu; wal utubu. Barreeffamni gabaabaan kun aadaa qabatamaa keessaa meeshaa aadaa ulfoo dubartoota Oromoo Caaccuu irratti xiyyeeffata. Kunis maalummaa Caaccuu, waan Caaccuun irraa tolfamuufi faayidaa Caaccuun hawaasa bal'aaf qabu irratti fuulleeffata.

**Maalummaa Caaccuu**

Afaan Oromootiin hiikni kallattii jecha Caaccuu jedhuu baay'ee, danuufi hedduu jechuudha. Horuu, baay'achuu, dagaaguufi kan kana fakkaatan agarsiisa. Akka yaadrimeetti Caaccuun meeshaalee ulfoo dubartoota Oromoo keessaa isa tokkoofi hangafa. Akka dhugeeffannaa Oromootti Caaccuun jalqabaa Waaqaa bu'e jedhamee dhugeeffatama. Akka kanaan Waaqni dubartootaaf Caaccuu eeree /kennee dhiiraaf Kallacha kenne.

Gama biraatiin, Caaccuun gogaa goromsa loonii yookiin gogaa roobii dhisuun dhadhaan sukkuumamee laafuudhaan elellaan sagal sagaliin tarree galfamee gogicha tolfamuun callee adda addaa keessa diruun bareedee tolfama. Akkuma halangeen murtii ittiin kennaniifi seera ittiin tuman gogaa roophii irraa tolfamu Caaccuunis isarraa tolfama. Calleefi elellaan waan aadaan dubartootaaf kenniteedha.

Ijoollee dabballeefi jaarrolee gadaamoojjii yoo ta'an malee dhiirri elellaaniifi waan elellaaniin faayame hin godhattu. Elellaan sagaliin tarree galchuun Caaccuun jila kamiiyyuu keessatti seera fixeessa ta'uu agarsiisa; tokkoon jalqabee sagliin xumuramuu mul'isa. Jiloota aadaa jajjaboo irratti Caaccuufi Kallachi waliin bahu; guutuu waltaasisu. Caaccuufi Kallachi yoo waliin bahe waanti hunduu milkaa'a. Caaccuu dubartoota heerumantu tolfatee Siinqee waliin qabata. Haa ta'u malee, Caaccuu jilaa dubartii warra hangafaatu qabata. Dubartiin takka haadha Caaccuu jilaa ta'uudhaaf ilmishee Gadoomuu/Gadaa keessa darbuu, aadaa, duudhaafi safuu beekuufi eeguu akkasumas kaameettii ta'uun ulaagaalee jiran keessaa isaan muraasa.

**Faayidaa Caaccuu**

Caaccuun mallattoo hormaata sa'aafi namaati. Dubartoonni Caaccuudhaan jiloota adda addaa kanneen akka ateetee tolfatanii sa'aa namni akka horu, hormaanni akka qajeelu, labanni akka itti fufu taasisu. Caaccuu qabatanii dhabaafi dhabduuf yoo Waaqa kadhatan Waaqarraa ni mikaa'u. Kanaafuu, Caaccuun hormaata dhaloota amma jiruufi itti fufinsa labataa mirkaneessa. Haaluma walfakkaatuun, Caaccuun meeshaa ulfoo araara Waaqaa lafaati. Caaccuun yeroo heerri uumaa dabee uumaafi uumamni waldhaban araara buusuu keessatti gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf, bara Bonni dheeratee hongeen bu'e yookiin roobni baay'atee sa'aa nama miidhe dubartoonni Caaccuufi Siinqee qabatanii Waaqa kadhatanii akka roobaa caamni nama hin miine taasisu. Aadaa Oromoo keessatti Caaccuun eebbaafi kadhataaf malee abaarsaafi sirnoota kanaan faallaa ta'an birootiif hin oolu. Bifuma walfakkaatuun, dubartoonni Oromoo Caaccuufi Siinqee qabatanii waraana yookiin lola biyyaafi biyyaa, sabaafi sabaa, gosaafi gosaa akkasumas lola namoota dhuunfaa jidduu yoo seenan waldhabdeen sun battalumatti dhaabbata. Qaamni Caaccuufi Siinqee irra darbee lola ittifufe Waaqaafi namaanis ni abaarama; ni adabamas. Gama biraatiin, Caaccuun mallattoo walqixxummaa ilma namaati. Caaccuu Waaqni dubartootaaf kenneefi Kallachi Waaqni dhiiraaf kenne walmalee hanquudha/hir'uudha.

Jilli aadaa kamiyyuu yoo Caaccuufi Kallachi waliin bahe guutuu ta'a. Caaccuu qofaan yookiin Kallacha qofaan bahanii Waaqaafi namarraayis hin milkaa'an; tokko kophaasaa guutuu hin ta'u jechuudha. Kanaaf, Caaccuufi Kallachi bahee hin dhabu jedhama. Dabalataanis, akka mallattootti Caaccuun kan lafa bakka bu'u yoota'u, Kallachi Waaqa bakka bu'a. Akkuma dhiiraafi dubartiin yoo itillee waliin qooddatan malee ilmoo argachuu hin dandeenye Caaccuufi Kallachis walmalee tajaajila kennuu hin danda'an; waliin guutuu ta'u jechuudha.

Walumaagalatti, Caaccuun meeshaa ulfoo /woyyuu dubartoota Oromoo hormaata, araara, tasgabbii, nagaa, rooba, gabbina, badhaadhina, fayyaafi ittifufiinsa dhalootaaf hedduu murteessaa ta'eefi barbaachisaa ta'eedha. Kanaafuu, aadaafi duudhaan beekumsa xabboo Oromoo baatee jiru kun sirnaan qoratamee kunuunfamuun akka labanni irraa baratu taasisuun kan qaamoolee dhimmi kun ilaallatu hundaati.

*Qorataafi Barsiisaa Aadaafi Duudhaa Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Obbo Leeniin Quuxoo Hamaadootiin qindaa'ee kan nuu ergame*

**Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!**

Obbo Muluuqan Mollaa Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ardaa Biyyaa keessatti mana jireenyaa balbala sadii lakk. kaartaasaa OR011030305005 ta'e ,ballina $M^2$ 257 irratti argamu, Obbo Yetsedawuu Andargawuutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waliigaltee dhihaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Hoxxessaa Halakee mana jireenyaa lakk. isaa OR003010709011 ta'e Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti lafa bal'inni isaa $M^2$360.1 ta'e irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee beekkamu dabarsanii Obbo Habtaamuu Sadhuutti gurguree waan jedhanaiif maqaan gara bitataatti akka naanna'uuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Mixxin Kaasayee mana jireenyaa lakk. isaa OR003020706012 ta'e Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti lafa bal'inni isaa $M^2$400 ta'e irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee beekkamu dabarsanii Obbo Darajjee Tafarraatti gurguree waan jedhaniif maqaan gara bitataatti akka naanna'uuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Qiddisti H/Mikaa'eel mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti lafa bal'inni isaa $M^2$200 ta'e irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee beekkamu dabarsanii Obbo Gobbuu Utukaanaatti gurguree waan jedhaniif maqaan gara bitataatti akka naanna'uuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Yohoodiit Tsaggayee fa'aa N - 4 mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti lafa bal'inni isaa $M^2$358 ta'e irratti maqaa isaanitiin galmaa'ee beekkamu dabarsanii Aadde Amaarech Maaruutti gurguree waan jedhaniif maqaan gara bitataatti akka naanna'uuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Haxxiyyaa Cannaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa isaa 200$M^2$ irratti Maqaa isaaniin argamu dabarsanii Obbo Tasfaayee Dhugaatiif dabarsanii gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Ingidaaworqi Tashoomee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo lakk. Kaartaa OR003020302009 kan ta'e ganda Dh/Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bali`inni lafa 383.5$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Mahaarii Tashoomeetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Abinnet Yohaannis mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo lakk.OR003010901006 kan ta'e ganda Dh/ Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bali`inni lafa 322$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Gammadaa Waareetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Barakat Boggaalee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dh/Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 200$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Uddeessaa Laggasaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Fiqirtee Ayinaalem mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 400$M^2$ irratti lafa 200$M^2$ dabarsanii Obbo Fitsum Xilaahuunitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Filsataa Mallasaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dh/Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 160$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Dheekkamaa Elemaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Diitamuluu Gonfaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 200$M^2$ irratti dabarsanii Obbo Lammaa Roobaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Nigisti Yirguu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo lakk.OR003010609018 ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee bali`inni lafa 200$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Balaay Dheekkamaa gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Nigist Yirguu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo lakk.OR003010609015 ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali`inni lafa 200$M^2$ irratti argamu dabarsanii Obbo Mullataa Yooseefiitti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

# Iluu Abbaa Boor

Obbo Musxafaa Ibraahim mana jireenyaa Magaalaa Bachoo keessaa qaban lakk.kaartaasaa 147/Bm/2008 ta'e,ballina $M^2$ 550 irratti argamu,Obbo Mokonnin Naggaatti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafatniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kana kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Mana Qopheessaa Magaalaa Bachoo

---

Obbo Abduu Aliyyii mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii A/Boorii keessaa qaban ,ballina $M^2$ 190 irratti aragmu Hayilee Mokononitti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

---

Aadde Tanaanyee Xilaahuunifi Obbo Araggaa Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Deg/Bas keessaa qaban ,ballina $M^2$ 320 irratti aragmu Iyyoob Araggaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

---

Obbo Ayyaanaa Tafarraa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Bilbilaa Ganda 01 keessaa qaban ,ballina $M^2$ 200 irratti aragmu, Obbo Ittaanaa Immiruutti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu.

---

Obbo Baasili'eel Tacane mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii A/Boorii Ganda 01 keessaa qaban obbo Hayiluu Qawweessaa fi Wagaayyoo Ayyalaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu.

# Jimma

Obbo Tashoomee Raggaasaa Magaalaa Jimmaa Ganda B/ Kitoo keessatti kaartaa hin sochoone lakk.isaa 5943/2014 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee tajaajila mana jireenyaaf oolu,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajila alaa akka ta'etti lakkaa'amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

---

Aadde Munisaa A/Zinaab Muniiraa Jibriil, Abdusalaam Jibriil, Musxafaa Jibriil, Nafiisaa Jibriil, Jamaal Jibriil, Muhaammad Jibriil, Abdulaxiif Jibriilifi Zaaraa Jibriil kan ta'an abbaan isaanii Obbo Jibriil Bashiir A/Magaal waan du'aniif mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Aggaaroo G/Tijjee Koyee keessaa qaban dhaalaan argachuu isaanii mana murtiin waan mirkaneeffataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo.

# Shawaa

Dhaabbata Ijaarsa Waliigalaa Mul'ataa Ukaa Lakk. Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa (TIN Na.) 0077729604 Lakk. VAT 1844784008828tiin galmaa'ee kan beekkamu Magaalaa Sabbataa Aanaa Meettaa naannoo diimaa jidhamutti Nagaheen gurgurtaa VAT kan itti hin hojjatamiin Lakk. isaa 0101 hanga 0150 fi Nagahee baasii kan itti hin hojjatamiin Lakk. isaa 0051—0100 kan ta'e na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagaheewwan kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun Gaazexaa kallacha oromiyaarratti maxxanfamee bahee kaasee guyyaa 15keessatti Waajjira Galiitiif ykn abbaa dhimmaatiif akka deebisu beeksisaa, kana ta'uu baannaan Nagahee bade kanaan galii kamiyyuu walitti qabuunis ta'ee baasii kamiyyuu raawwachuun akkasumas dhimma gara biraatiif oolchuun seeraan kan nama gaafachiisu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Galiiwwanii Bul/Magaalaa Shaggaritti Waajjira Galliiwwan Kutaa Magaalaa Sabbataa.

---

Obbo Abuubakar Sulxaan Kadiriifi Aadde Hikmaa Sulxaan Kadiir Kaartaa Lakk. isaa L/991/200, Lakk. Galmee H-973 ta'eefi Nagahee Lakk.isaa 806543 kan ta'e maqaa Obbo Guutaa Adaree Guutamaatiin galmaa'ee kennameef nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaafi nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate, ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee fi kaartaa) kan biraa baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Aadde Guddinee Gammadaa Magaalaa Amboo Ganda Torban Kuttaayee keessatti mana jireenyaa qaban Kaartaa Lakk.isaa BNMA-4218/98 kan ta'e, kaartaan maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo

---

Aadde Abarraash Dammaqaa Magaalaa Amboo Ganda Y/ Gadaa keessatti mana jireenyaa qaban Kaartaa Lakk.isaa EMMLM/0495/07 kan ta'e,kaartaan maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo

---

**Obbo Hayilee Baayyataatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himattuun Aadde Baayyisee Kallachaafi Himatamaa isin jidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobii.

---

**Obbo Zinaabuu Iddoo Uumeetiif**
**Bakka jirtanitti**

Iyyattuun Aadde Mallasuu Zinaabuu fi waamamaa isin jidduu waa'ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee waamamaan kun yoo jiraate, beellammatti akka naaf dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate murtiin badiinsaa naaf haa mirkanaa'u jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu waamamaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/03/2018 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ta'ee, yoo dhiyaachuu baattan murtiin badiinsaa iyyattuuf kan mirkanaa'uuf ta'uu manni murtii ni beeksisa.Mana Murtii Aanaa Sadeen Sooddoo.

---

Aadde Yewubdaar Laaqaw waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 154/1170/2001 ta'een galmaa'ee Magaalaa Sandaafaa Bakkeerraa kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa S/Bakkee

---

Obbo Zalaalam Abarraa qabiyeen kaartaa lakk.isaa B/M/H/32/2001 ta'e,ballina $M^2$ 160 irratti maqaa isaaniitiin magaalaa Hoolotaa keessatti galmaa'ee kennameef waan najalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Hoolataa.

Obbo Abiyyi Gaashaawu ragaan abbaa qabiyyummaa kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Dambaalaa Aanaa Malkaa Adaamaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Kaartaa Lakk.isaa 090/2003 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo hojjetamee bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Bul/Magaalaa Adaamaatti Kutaa Magaalaa Dambalaa Waajjira Lafaa Aanaa Malkaa Adaamaa.

---

Dhaaltoonni 1ffaa Magartuu Raggaasaa faa N-9 kan ta'an, Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibbaayuu Aanaa Dh/Booraa keessatti qabiyyeen mana jireenyaa kaartaa lakk. isaa A/04/147 ta'e,ballina $M^2$ 500 irratti argamu,nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu.

---

**Aadde Tihitinaa Taaddaleetiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Abbabaa Geetachoofi himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan akka dhiheeffattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo

---

Obbo Darajjee Kumaa Dinqaa bakka bu'aa seeraa Obbo Kibroom Tasfuu Barihee bakka bu'aa seeraa Aadde Gu'aay G/Igziher Baahita iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti argamu ,Nagahee Lakk,isaa 499309 ta'e,maqaa Aadde Gu'aay G/Igziher Baahitaan muramee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

Obbo Shawangizawu Tolosaa Milkii bakka bu'aa seeraa Obbo Yeeyis Dassaalanyi bakka bu'aa seeraa Aadde Addis Xilaahun Dassalenyi iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti kaartaa koodii cittuu addaa lafaa lakk.isaa OR009030817006 ta'e,maqaa Aadde Addis Xilaahun Dassaalanyiin galmaa'ee jiru na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan kaartaa koppiin kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

Aadde Stinaa Adam Mahaammad bakka buutuu seeraa Obbo Abdurkarim Adam iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti Nagahee Lakk.isaa 2481372 ta'e, maqaa Obbo Abdurkariim Adamiin galmaa'ee jiru na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

**Waldaa IMX Barii Bakkalchaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Waajjira Inarjii Godina Shawaa Lixaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/02/2018 sa'aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Jalduu

---

**Obbo Sa'iid Muhaammad Aliitiif**
**Bakka jirtanitti**
M/A/Mirgaa Waldaa Aksiyoona Doonii Jiddaa fi M/A/Idaa isin jidduu falmii raawwii jiru ilaalaalchisee M/A/Idaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/2/2018 sa'aatii 9:45 irratti raawwii isinirraa barbaadamu raawwachuun akka dhihaattan ibsaa,kan hin raawwanne yoo ta'e,sababa hin raawwatiniif dhihaattanii akka ibsitan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa

---

Obbo Geetahuun Seyifuu Warquu kaartaa lakk.isaa B/M/H/79/96 kan ta'e,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Hoolataa

---

**1ffaa Obbo Kadiir Hasan Kadiiriif**
**2ffaa Fariidaa Muhaammad Umariif**
**5ffaa Naasir Shariifuu Abbaaraagoof**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Awaal Tukkeefi himatamtoota isin jidduu jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti dhihaattanii deebii keessan akka kennattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan kennachuu kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar.

---

**Bulchiinsa Magaalaa Darbaa Ganda 01tiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuun Aadde Ibsaa Gabbisaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Sulultaa.

---

Obbo Abarraa Sabooqaa Nagaroo bakka bu'aa seeraa Obbo Kibabawu Abbaay Dabalaa bakka bu'aa seeraa Obbo Hayiluu Malkaamuu Saxanyi fi Aadde Hannaa Girmaa Asafaa iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti argamu ,Nagahee Lakk.isaa 2481690 kan ta'e,maqaa Obbo Wandimagenyi Baqqalaan muramee na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

**Obbo Seefaa Abbabaatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Heeyidaar Seeyidifi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin jiretti kan itti fufu ta'uu ni beeksifna.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Daggafaa Iiree nagahee lakk.isaa 328817 ta'een galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kaartaa kana idaadhaanis ta'ee haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biroo (kaartaa) baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

**Aadde Nigatuwaa Dajanuutiif**
**Bakka jirtanitti**
Iyyataan Obbo Bujiir Asfaawufi waamamatuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee waamamatuun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti akka dhiyaattan ibsaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti galmeen kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Dagam.

---

Obbo Iziraa W/Mikaa'eel mana jireenyaa lakk. kaartaa isaa W/6146/2001 ta'e Magaalaa Walisoo Ganda Horaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee beekamu waan na jalaa badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan keenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

---

**Obbo Biruuk Zawuduutiif**
**Bakka Jirtanitti**
R/himataan Sooressaa Bashaadaa fi R/himatamaan isin gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee R/himatamaan kun qarshii idaa isin irra jiru bu'uura murtii darbeetiin raawwachuufi raawwachuu dhabuu keessan beellama gaafa 07/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaachuun akka beeksiftan jechaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e qabeenya keessan irratti murtiin kan darbu ta'uu ni beeksifna. Mana Murtii Aanaa Sadan Sooddoo

---

**Obbo Turaa Abdiitiif**
**Bakka Jirtanitti**
Himattuun Aadde Buzuu Moosisaafi himatamaan isin gidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 07/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaachuun akka falmattan jechaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e galmeen bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobii.

---

**Obbo Girmaa Gaddafaa Maraceetiif**
**Bakka Jirtanitti**
Iyyattuun Aadde Almaaz Gaddafaa fi waamamaan isin gidduu falmii jiru ilaalchisee waamamaan kun Aanaa Walmaraa Ganda Talacoo Garbeelii keessa waan badeef yoo jiraate, akka dhiyaatu jiraachuu baannaan murtiin badiinsaa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu waamamaan kun yoo jiraate, beellama gaafa 12/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ta'ee, dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Mana Murtii Aanaa Walmaraa.

---

Itaalammaawu Ayyaaleewu Kaartaa Lakk.isaa 4231/120/98 kan ta'e Magaalaa Fiichee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaffataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabaate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ibsaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Fiichee.

---

Aadde Haragawayiin Shimallis Kaartaa Lakk.isaa 448/114/2002/03 kan ta'e Magaalaa Fiichee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaffataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabaate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ibsaa,guyyaa jedhamee keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Fiichee.

---

Obbo Taammiruu Baay'isaa Ida'aa Kaartaa Lakk.isaa 779/466/93/96 kan ta'e Magaalaa Fiichee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaffataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabaate jiru yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ibsaa,guyyaa jedhamee keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/Magaalaa Fiichee.

---

Aadde Tsiyoon Abbaagoduu ragaan abbaa qabiyyummaa kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Kaartaa Lakk.isaa 736480/98 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo hojjetamee bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

---

Obbo Jamaal Xaahiir ragaan abbaa qabiyyummaa kaartaa mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu Kaartaa Lakk.isaa 736492/98 kan ta'e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo hojjetamee bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

---

**Obbo Adaree Damuutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Fiqaaduu Lammaa fi himatamtoonni Obbo Suyyuum Adaanaa fa'aa N-3 jidduu falmii jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti qaamaan dhiyaachuun akka falmattan jechaa kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan dhaga'amu ta'uu ni beeksifna. Mana Murtii Aanaa Sululta

---

**Aadde Dammee Abarraatiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Lammii Girmaa fi himatamtuun isin gidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamtuun kun falmii gaa'ilaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan duratti waraabbii himannaa fudhachuun beellama gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii akka dhiyaattan jechaa, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii fi falmii barreeffamaa qabdan kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

## Muuxannoo

Masarat Amanaa

# Oromiyaatti barattoota qaxalee saayinsii hawaa, nukilaraa, AI fi teekinoolojii kaan kan barsiisu,Inistiitiyuutiin Teekinoolojii Shaggar baname

Oromiyaatti barattoota qaxalee ta'an qofa saayinsii hawaa, nukilaraa, Artiifishaal Intelejensii (AI)fi teekinoolojiiwwan kaan kan barsiisu dhaabbanni barnootaa haaraa Inistiitiyuutiin Teekinoolojii Shaggar (Shaggar Institute of Technology) – SIT jedhu banamee idileen hojii jalqabe.

Mootummaan Jijjiiramaa cabinsa barnootaa ture furuuf tarkaanfii adda addaa fudhataa tureera fudhataas jira. Tarkaanfii kunneenis inisheetivii barnootaa kan akka manneen bultii addaa heddumminaan ijaaruufi barattoota dandeettii addaa qaban keessatti barsiisuu dabalatee poolisii bulchinsa qormaataafi imaammata darbinsa barnootaatti xiyyeeffachuun barattoota qaxalee baasuun itti fufeera.

Keessattu ijaarsa manneen barnootaa irratti xiyyeeffatamee mana barnoota Bu’uura Boruurraa Eegalee manneen barnootaa hedduun ijaarameera.

Keessattuu bara 2014 kaasee xiyyeeffannoo barnootaaf kennee Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojjetaa tureen manni barumsaa bultii addaa 7, manni barumsaa addaa 41 hundaa’ee barattootni kun yeroo jalqabaaf qormaata kan bara 2017 qoramanii wagguma jalqabaan saayinsii uumamaanis ta’ee, saayinsii hawaasaan 1ffaa bahuun saala dhiiraanis ta’ee, dubaraan riikardii haaraa uumaniin firii buusaa deemuu agarsiisa.

Xiyyeeffannoon barnootaa kennamee lammii barateefi hiree egeree biyya kanaa murteessan uumuuf tattaaffiin mootummaan taasisaa jiru cimee itti fufeera. Agarsiistuu kanaa keessaa ijaaramuu Inistiitiyuutiin Teekinoolojii Shaggar. Inistiitiyuutichi tibbana eebbifamuun hojii jalqabsiiseera.

Inistiitiyuuticha hojii kan jalqabsiisan Pirezidantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa rakkoo barnoota qulqullina qabu wal geessisuu hir'isa jedheera.

"Mootummaan Jijjiiramaa Naannoo Oromiyaa, "roadmap" sirna barnootaa Ministirri Mummee keenya Abiyyi Ahimad (PhD) waggoota torba dura kaa'an hordofuun, barnoota saayinsiifi teeknoolojii akka galma tarsiima'oo tokkootti kaawwatee socho'aa tureera.

Galma dhaloota saayinsiifi teeknoolojiin dorgomaa ta'e uumuuf qabame kana lafa qabsiisuuf, barnoota sadarkaa tokkoon duraa (Bu'uura Boruu) irraa kaasee hanga manneen barnootaa Ifa Boruu sadarkaa lammaffaa Addaafi Bultii Addaatti sochii bal’aa taasisaa tureera," jechuun dubbate Obbo Shimallis sirna kanarratti.

Akeekkii ergama olaanaa ce'umsa saayinsiifi teeknoolojii biyya keenyaa kan ta'e Shaggar Institute of Technology–SIT,barattoota qaxalee calallii hedduu keessa dabarsuun simate barnoota eegalchiisera.

SIT, dameewwan saayinsii uumamaa jaarraa 21ffaa, kanneen akka Saayinsii Hawwaa, Hubannoo Namtolchee (AI), Saayinsii Nukilaaraa, Baayooteknoolojii, Elektirikaalii, Makaanikaaliifi Maateeriyaal Injiinaringiirratti kan xiyyeeffatudha. Sirni kenninsa barnootaa, kaarikulamiifi laaboraatooriiwwan isaa dhaabbilee barnoota olaanaa idil-addunyaa gama kanaan dursa qaban kan hordofuufi walsimuudhas jedheera.

SIT, dhaabbata barnootaa Mootummaan Naannoo Oromiyaa bajata Birii Biliyoona hedduun bu'uressedha. Dhaabbata barnoota olaanaa kanatti barattoota qaxalee qofatu calallii ulaagaa hedduu qabu keessa darbuun itti barata.

Istituutiin mootummaan naannoo Oromiyaa magaala Shaggar kutaa Magaalaa Koyyee Facceetti lafa heektaara 50 irratti ijaaraa jiru kun maali?

Pirezedaantii Instituutii Teekinoolojii haaraa hundaa'e kanaa kan ta'an Dr. Hayiluu Dhufeeraa waliin turtii taasisaniiru. Gaaffiifi deebiin isaan waliin taasifne akka isaan dubbatanitti isiniif dhiheessineerra, itti dhihaadhaa.

Inistituutiin Teeknolojii Shaggar kun yoom hundaa'e? Kaayyoon isaahoo?

Dr Hayiluu- Insitituutiin Teeknolojii Shaggar saayinsii fi teeknolojiirratti barsiisuu fi qorachuuf kan hundaa'edha. Waggoota lamaan darban bu'uuraalee misoomaa nu barbaachisan ijaarurra turre. Itoophiyaa keessattis ta'e akka Afrikaatti saayinsiifi teeknolojiirratti ergama guddaa qabanneeti kan kaane. Barattootaaf carraa uumuufidha. Barnoota akka saayinsii hawaa, injinariingii nukilaraa irratti carraa uumuuf jedhameetidha.

Barattoonni barnoota gochaan deeggarame baratanii gaafa barumsa xumuran omishatti jijjiiruu akka danda'an ga'oomsuu kaayyeffanne.

Kana malees, saayintistoonni baayyeen carraa wiirtuu qorannoo fi laaboraatoorii dhabaniif carraa uumuufiidha. Qorannoo cimaa godhanii garuu warra hanqina laaboraatooriitiin waan qabatamaatti hin jijjiirreefis carraa uumnaafi.

Insitituutii keessan kana dhaabbilee barnoota olaanoo saayinsii fi teeknolojii barsiisan irraa maaltu adda godha?

Dr. Hayiluu- Dhaabbilee barnoota olaanoo biyya keessa jiranii fi saayinsii fi teeknolojiirratti barsiisan irraa wanti adda nu godhu nuti harka caalaa barnoota gochaan deeggarame goona.

Yunvarsiitiiwwan baayyeen barnootuma idilee barsiisu malee qabatamaa gochuu irratti investimantin isaa itti hin yaadamne.

Nuti namoota biyya isaanii jaallatan hedduu qabanneeti kan hundoofne. Industirii barnoota saayinsii keessa warra jiran. Kanaaf, industirii fi akkaadaamii walqabsiisnee lamaanuu walfaana deemsiisna.

Muuxannoo biyyoota biraa yoo ilaalle yunvarsiitiiwwan dhaabbilee hojii isaan barsiisan hojjetan waliin hariiroodhaan hojjetu. Fakkeenyaaf, teeknooloojiin kee Baayooteeknolojii yoo ta'e Faarmaa waliin hariiroo uumu.

Yoo barnootni ati barsiistu saayinsii hawaati ta'e NASA waliin hariiroon hojjetu. Gosa kaaniinis akkasuma. Kanaaf, barataan oggaa barattu eessa akka deemaa jiru, ofdura maal akka hojjetu wan beekuuf bu'a qabeessa ta'a.

Gama kaaniin akka yunvarsiitiiwwan biyya keessa jiran biroo dhaabbata guddaa barattoota hedduu simatu ta'uuf fedhii hin qabnu. Fedhiin keenya xiqqaa ta'ee dhaabbata milkaa'aa ta'uudha. Barataa baayyee hin fudhannu. Calalliidhaan barattoota cicimoo fudhanna.

Ijoollee muraasa fudhannee barsiisnu kana garuu baayyee milkaa'oo akka isaan ta'an irratti hojjenna.

Barnoota barsiisuuf jirtan saayinsii hawaa, saayinsii nukilaraa, hubannoo namtolchee (AI) fi kaan barsiisuuf waan isin barbaachisu hammam guuttattan?

Dr. Hayiluu- barataa simannee barsiisuu jalqabuudhaaf ammatti bu'uura misoomaa gahaa ta'e qopheeffanneerra. Garuu gara laaboraatooriitiin gamoowwan isaanii ijaarreerra meeshaalee barbaachisan guutuutu nu hafa. Carraan nuti qabnu barataa ji'a kanarraa kaanee ni fudhanna. Amma barnoota kan jalqaban waa'ee saayinsii bu'uuraa barachuudhaani. Kurmaana tokkoffaa booda yeroo isaan laaboraatoorii barbaadanitti nutis waan barbaachisu guunnee xumurra jenneerra.

Ammatti garuu wantoota bu'uuraa barbaachisoo ta'an hunda qophoofneerra. Bu'uuraaleen misoomaa barattoota keenyaaf qopheessinu sadarkaa olaanaa kan qabudha.

Barattoota meeqa fudhattu? Bakki irraa fudhattanii barsiistanhoo?

Dr. Hayiluu- Dhaabbanni keenya mana barumsaa idil-addunyaati. Barattoonni nuti simannu biyya keessaa kutaa kamirraayyuu ni fudhanna. Barataan ulaagaa keenya guutee jiruuf iskoolaarshiippiidhaan barata. Barattoonni kaffalanii hin baratan; waan hunduu bilisa. Kanaaf, nu bira seenuun dorgommii cimaa keessa darbuu gaafata. Bara kana barataa 300 fudhachuu karoorfanne. Isaa gadis hanga 280 ta'uu mala.

Qormaata biyyaalessaa kutaa 12 irratti qabxii olaanaa fiduun akka ulaagaa tokkootti ta'ee calallii hedduu keessa dabarsineeti kan simannu.

Hanga ammaa barattoota 106 calallee warra darban affeerraa taasifneefii jirra. Barana qofa osoo hin taane fuula durattis barataa 300 caalaa waan simannu miti.

Karoorri keenya barataa baayyee fudhannee waliin rakkachuu osoo hin taane baratoota qaxalee muraasa fudhannee qabeenya hedduu irratti baasnee akka isaan warra kalaqaa ta'anii ofis biyyas gargaaran tumsuudha.

Barattoonni manneen barnoota bultii addaa fi Ifa Boruu addatti fayyadamoo ta'uu?

Dr. Hayiluu- Ijoolleen manneen barnoota bultii addaa kunneen baayyinaan fayyadamtoota carraa kanaati. Sababni isaas qabxiin isaan fidanis olaanaadha, fedhiin saayinsii fi teeknolojii irratti qabanis olaanaadha.

Haata'uutii, barataan fedhii barnoota saayinsii fi teeknolojii qabu hundi carraa kana akka dhagahan ta'ee ji'a Adoolessaa keessa galmeen kan xumurame. Ergasii calallii keessa darbaa turan.

Qorumsa biyyoolessaa keessatti warri qabxii olaanaa galmeessan hedduun isaanii garuu nu bira seenaniiru. Akka dhufanis nuuf mirkaneessaniiru. Hedduun isaani manneenuna barnootaa bultii addaa irraa warra dhufani.

Inistituutiin Teeknolojii Shaggar kun eessatti kan barsiisu?

Dr. Hayiluu- Kaampaasiin keenya kan inni jiru Koyyee Facceedha. Lafa bal'aa naannoo hektaara 50 irratti qubannee jirra.

Gosti barnootaa isin barsiistan maal faa'i? Dr. Hayiluu- Dippaartimentiin keenya inni jalqabaa saayinsii hawaati. Inni lammataa hubannoo namtolchee (AI), baayooteeknolojii, elektrikaalii fi baayoo injinariingii, saayinsii makaanikaalii fi maateeriyaalii kan biraan ammoo nukilaar fiiziksiidha.

Bartatoonni nuti filannee barsiisnus warra gosa barnootaa kanarratti fedhii qabanii fi fuula durattis ogummaa kanarratti hojjechuu barbaadani.

Kaarikulamiin barnootaa keenya kaarikulamii idil-addunyaati. Kaarikulamiin barnootaa keenya kaarikulamii yunvarsiitiiwwan addunyaa beekamoo akka MIT, Harvaard fa'a fakkaata.

Dhaabbanni kun bajata hagamiitiin hundaa'e"

Dr. Hayiluu- Pirojektii kana kan ijaarsisaa ture mootummaa naannoo Oromiyaati. Bajatni waliigalaa dhaabbata barnootaa kana hundeessuuf bahe dhumarratti kan beekamu ta'a.

Ammayyuu ijaarsawwan adda addaarra jirra, bu'uuraalee misoomaa guddaatu diriirfamaa jira. Garuu tilmaaman hanga ammaatti birriin Biliyoona torba ta'u hojii kanaaf baheera. Instituutiin keenya yeroo guutummatti xumuramu laaboraatooriiwwan 130 ta'an qabaata. Laaboraatooriin 130 kun investimantii guddaadha. Laaboraatooriin tokko yoo xiqqaate doolaara Miliyoona shan fixa.

Qabeenya kana hunda dhangalaasnee ijoollee kanaaf haala mijataa yoo uumne ijoollee qaxaleen kun boru ofis biyyas sirritti warra gargaaruu danda'an ta'u.

Ijaarsi Insitituutii Shaggar fageessanii dhalootaafi egereef yaaduu qabatmaan kan mul'ise waan ta'eef mootummaan naannoo Oromiyaa kaka'umsa kana fiduun dhaabbata akkanaa waan hundeesseef galateeffamuu qaba jedheen yaada. Madda BBC

# Dinagdee

*Mitikkuu Taakkalaa*

## Sochii guddina hawaas-dinagdee Magaalaa Jimmaa

Magaalaan Jimma Magaalota Itoophiyaa umrii dheera qaban keessaa ishe tokkoo dha.

Magaalaan Jimmaa bara 1822 bara Mootii Abbaa Jifaar guddichaa (Abbaa Jifaara 2ffa) Fininneerraa gara Kibba Dhihaatti KM 352 fagaattee kan hundoofteefi giddugala siyaasaafi dinagdee olaanaa taatee barootaaf tajaajilaa kan turte dha.

Magaalaan Jimmaa Magaalaa giddugala qaroominaafi ogummaa addaa addaa ta'uu bira darbee bakka argama bunaa arabikaa ta'uusheeti. Magaalota akka biyyaatti turan gurguddoo sadii jechuunis, Finfinneefi Asmaraatti aansee Magaalaa tajaajila Awutobisii (geejjiba magaalaa) argatteefi sadarkaa guddina jireenyaaf filatamtuu akka turte seenaan kan agarsiisu yemmuu ta'u kanumaan walqabatee magaalaa lammilee biyya alaafi sabaaf sablammootaan filatamtuufi garaagarummaafi heddummina keessatti tokkummaaf wal danda'uun beekamtu taatee barootaaf itti fufteetti.

Magaalaan Jimmaa yeroo ammaa bal'ina lafaa hektaara kuma 11 ol irratti gandoolee 13'n caaseffamtee kan argamtuufi baay'ina uummataa kuma 600 ol kan qabduudha.

Magaalaan Jimmaa gama dhaabbilee tajaajilaan walqabatee dhaabbilee fayyaa mootummaa; hospitaal Ispeeshaalaayizdii Yunivaritii Jimmaa, Hospitaala Waliigalaa Shanan Gibeefi buufataalee Fayyaa Afur akkasumas gama dhuunfaatiin Hospitaalota waliigalaa 4, hospitaala jalqabafi kilinikoota sadarkaa addaa addaa akkasuma manneen qorichaafi raabsaalee qorichaa mooummaafi dhuunfaa hedduu tajaajila ammayyaafi madaalawaa hawaasaaf kennan qabdi.

Galiin misooma magaalaa ariifachisuufi siyaasa biyya tokkoo si'eessuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf Waajjirri Galiwwanii Bulchinsa Jimmaa seeroota taaksii hojiirraa oolchuun, kuufamoota galii baroota dheeraa duguugamee akka galuu taasisuuniifi kenna tajaajila diijitaalessuun hojii hojjeteen bu'aa qabatamaa argamsiiseera.

Bu'uuruma kanaan galii keessoo magaalattii ol-guddisuufis karoora xiiqii qopheessuun hojii hojjatameen, bara 2017tti galii mana qopheessa qarshiii 1,161,393,397 kan walitti qabame yoo ta'u galii idileetiin immoo bara 2017tti qarshii 2,242,263,906 walitti qabameera. Walumaagalatti Magaalli Jimmaa bara 2017 galii qarshii 3,403,657,303 walitti qabuu danda'ee jira.

Bara 2018 kanatti immoo galii idileefi mana qopheessaa maddoota garaa garaarraa galii qarshii biiliyoona 6.1 walitti qabuuf karoorfamee xiyyeeffannoo olaanaan hojjetamaa jira.

Carraa hojii magaalaan walqabatee hanga xumura bara 2017 tti hoji- dhabdootaaf carraa hojii uumuuf inisheetivii haaraa bocuun hojiirra oolfameen akka Magaalaa Jimmaatti dargaggootaaf carraa hojii uumuuf xiyyeeffannaa guddaa kennameen waliigalaan dameewwaan hojii garaa garaarratti hojii dhabdootni 49,781 ta'an carraa hojii qacarriin, yeroofi gurmiin uumamuufiin fayyadamoo akka ta'an ragaan Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalichaa ni ifoomsa.

Misooma kooriidarii magaalichaan walqabatee misoomni koriidarii inisheetiivii magaalaa ammayyoomsuu Muummee Ministeera Itoophiyaa Dr.Abiyyi Ahmediin jalqabamedha. Magaalota dulloomaniifi jireenyaaf hin mijanne haaromsuu, miidhagsuufi ammayyoomsuun hawattummaa isaanii dabaluu keessatti misoomni kooridarii gahee guddaa qaba.

Magaalaa ammayyeessuun jiraattotaaf mijataa taasisuuf qulqullinniifi miidhaginni magaalaa eegamee daandiiwwan magaalaa keessaa tajaajila kamiifuu ooluu akka danda'an gochuuf karoora akka addaatti mootummaan qabatee jiru milkeessuuf hojii misooma koriidariitiin akka Magaalaa Jimmaattis hojileen hedduun hojjetamanii jiru.

Kana malees, mul'ata magaalota giddugala tuurizimiifi konfaransii taasisuuf qabatame ni milkeessa. Kooridariin badhaadhina hundagaleessa magaalota keessatti dhugoomsuuf imala jalqabame saffisiisuuf kaayyeffatee hojjetamaa jira.

Akkasumas misoomni kooridarii agarsiiftuu magaalaa ammayyoomsuuti. Hojiin kuni akka biyyaatti Magaalaa Finfinneetti eegalamuun garaa magaalota birootti kan babal'ate yommuu ta'u, milkaa'inootaafi injifannoowwan gurguddoon irraa argamee jira.



Bulchinsi Magaalaa Jimmaas mul'ata Magaalaa Jimmaa qulqulluu, magariituu, jireenya ummataaf mijooftuufi giddugala tuurizimii taasisuuf qabatamee hojjetamaa jiru dhugoomsuuf hojiin misooma kooridarii xiyyeeffannoo guddaan hojjetee xumuruun hawwatummaa ishee dabaluun cinatti madda dinagdee tuurizimii taasisuun danda'ameera.

Hojii hanga ammaatti hojjetameen Jimmaan Magaalaa ammayyooftuu, giddugala tuurizimiifi konfaransii, miidhagduufi hawwattuu taasisuun milkaa'ina gaarii agarsiisaa jirti.

Misoomni Kooriidarii akka Magaalaa Jimmaatti hanaga ammaatti hojjetame KM 6.5 yoota'u carraa hojii yeroo namoota 12,255 f uumee jira. Carraa hojii uumuu cinaatti hojiin kooriidarii yeroo ammaa magaalota keenyaaf miidhagina addaa dabaluun,balaa tiraafikaa hir'isuu,hawwata tuurizimii ta'uu, maqaan, madda galii ta'uufi lammilee biyya ofii akka jaallatan taasisuuf kaka'umsa misoomaa uummata keessatti uumaa kan jiruudha.

Bulchinsa Magaalaa Jimmaatti gama misooma tuurizimiitiinis hojilee gurguddoon hojjatamaa kan jiran yemmuu ta`u; bakkeewwaan hawata turizimii magaalattiin qabdu irra deebiin haaromsuu, bu`uraalee misoomaa guutuufi haala mijataa uumuu dabalatee hojiiwwan misooma koriidarii bara kana hojjattamaniinn bakkeewwan hawwata tuurizimii gara madda galiitti jijjiiruu hojiiwwan abdachiisaafi fakeenyummaa qaban hojjatamanii jiru.

Hojiiwwan kana keessaa muraasni Masaraa Mootii Abbaa Jifaariifi Masaraa Mootummaa Gibee (Gibe Palace)suphuufi miidhagsuu, Haroo Booyyee deebisanii misoomsuu, Riizortiiwwaniifi Hoteelota Abbaa Urjii 5 ijaarsisuu, Magaalaa Moofaa (old city) bakka Faranjaraadaa jedhamu haaromsuufi Misooma Bosonaa (Cakkaa pirojekt) isaan muraasadha.

Bu'uuruma kanaan galma magaalatti giddugala konfaransiifi tuurizimii taasisuuf qabame hojjetamaa jiruun Magaalaan Jimmaa magaalaa hawwattuufi turistoota baayyee keessummeessuu dandeesse ta'uu isheen bara kana komishiinii tuurizimii Oromiyaatiin filatamuu dandeessee jirti.

Kanarraa ka'uun bara kana yaa'insi tuursitii biyya keessaafi alaa magaalattii daaawwatanii daran dabaluu bira darbee sagantaawwan gurguddoo biyyoolessaafi idila addunyaa keessummeessuu danda`amee jira.

Gama bu'uuraalee misoomaatiinis tajaajilli dhiheessii bishaan dhugaatii sa'aatii 24 karaa ga'umsa qabuun kan argattu yemmuu ta'u,tajaajilli ibsaa ,bilbila, misoomaafi badhaadhina magaalatti saffisiisuuf kanneen ga'ee isaanii ba'ata jiran magaalattii yeroo ammaa tajaaila 5G guutuu ta'e kan qabduu fi hojiin 'Smart City' hojjachuu milkaa'ina gaarii irra jiru.

Magaalaan Jimmaa bakkeewwan seena qabeeyyiifi madda dinagdee hawata tuurizimii ta'uu dandanda'an hedduu kan qabdu yoota'u,isaan keessaa Masaraa Aabbaa Jifaar, Masjiida Afurtamaa, Qubbaa Abbaa Arabuu, Shenxaraaliyoo(Center of Radio), Haroo Booyyee;Haroon, Faranj Araadaa, Muuziyeemii Jimmaa bakkeewwan seena qabeeyyii isaan ijoo dha.kanneen keessaa seenaa Masaraa Mootii Abbaa Jifaar yeroo ilaallu.

Maasraan Mootii Abba Jifaar Magaalaa Jimmarra 7KM fagaatee bakka Jireen jedhamutti kan argamu; Masaraa guddichaafi seena qabeessa bara 1870 Abbaa Jifaar 2ffan kan ijaarame yemmuu ta'u guddinaafi miidhagina addaa yeroo sanatti ogummaafi qaroominni Jimma sadarkaa maaliirra ture jedhanii tilmaamuuf nama rakkisuun kan ijaarameefi giddugala siyaasaa mooticha ta'ee kana tajajilaa ture yommuu ta'u;masaraan kunis ogummaa addaafi qaroomina ajaa'ibsiisaa yeroo sanatti gama ijaarsaan hawaasni Jimmaa qabuufi mul'ata mooticha kan ibsu ta'e haalli ijaarsa masarichaa kutaalee tajaajila garaa garaaf oolan 29,foddaalee 54,balbala 65 kan qabu uumuu ta'u kutaaleen kanneen keessaa Maajiida Maatii, kutaa keessummaa, kutaa nyaataa, dhaddacha, kutaalee eegumsaa kutaalee ciisicha maatii, kutaalee barnoota amantaa itti kennamu, kutaalee hojii ogummaa garaa garaa(kanneen akka bobocaafi huccuulee aadaa itti hojjatamu), akkaumas bakka bashannanaa ykn wolaansoon itti gaggeeffamu kan qabuufi walumaa galaan masaraa seenaa qabeessaafi mallattoo uumata Jimmaa ta'ee tajaajilaa jirudha.

Magaalaa Jimmaa giddu gala tuurizimiifi konfaransii gochuuf hojiilee hedduun hawwatummaa Magaalattii dabalan hojjatamaa kan jiran yemmuu ta`u kanaanis bakkeewwan seenaafi hambaaleen ishee haaromfamuun misooma Kooriidariifi misooma bosona Jimmaatiin faayamtee magaalaa dorgomtuufi mallattoo miidhaginaa taatee jirti.

Hojiiwwan misoomaafi hambaalee haaromsuu hojjetameenis Imala Badhadhinaa eegalteen Jimmaan yeoo amma magaalaa konfiransiiwwaniifi waltajjiiwwan gurguddaa keessummeessuun madda dinagdee galii tuurizimii taatee jirti.

Haala mijataa hawata tuurizimiifi konfiraansiiwwaniif Magaalaan Jimmaa qabdu kanneen akka hoteelotaafi riizortiiwwan gurguddoon abbaa urjii 3 fi 5 yeroo amma magaalattiitti tajaajila kennaa jiraniif kanneen ijaarama jiran, bakkeewwan seena qabeessi haaromfamaniifi Pirojeektileen gurguddoon hojjatamaa jiran, buufata xiyyaara guddicha idil addunyaa Jimmaa Abbaa Jifaar, Paarkii Industirii Jimmaa Guddichafi kanneen biroo ni argamu. Kunimmoo hawwattummaa magaalichaa dabaluun dur irraa kaasee tuuristoota biyya alaafi keesaan yeroo gara yerootti akka daawwatamtu ishee taasisee madda dinagdee tuurizimii akka taatuuf haala mijataa uumeera.

Lagni Aweetuu Magaalaa Jimmaa qaxxaamuree darbu kan waggoota muraasa dura balfawwan dhangala'oofi jajjaboodhaan faalamee nama fagootti ofirraa dhiibaa tureefi fooliin naannawa lagichaas karaa nama hin dabarsine inisheetiivii misooma qarqara lageenii mootummaan jijjiiramaa hojiirra oolchee hojjechaa jiruun pirojeektiin misooma qarqara Laga Aweetuu seenaa lagichaa jijjiiree lagichaafi naannawaasaa iddoo bashannanaa, haaragalfannaafi itti suura ka'an taasiseera.

Hojii Misooma pirojeektii qarqara Laga Aweetuu hojjetame kanaanis miidhaginnifi hawaatummaan magaalichaa dachaan dabaluurra darbee hojii barbaadotaaf carraa hojii yeroofi dhaabbii uumuun madda galii dinagdee tuurizimii ta'uu danda'eera.

Dabalataanis misoomni qarqara Laga Aweetuu oomisha kuduraalee qarqara lagichaatti oomishamu kanneen akka kuduraafi muduraa misoomsuuf haala mijataa uumuun hojii inisheetiivii qonna magaalaa milkeessuu keessattis shoora olaanaa qaba.

Gama carraa invastimantiitiinis Magaalli Jimmaa haala qilleensaa miijataafi qabeenya uumamaa qabduun invastmantii; hoteelaafi tuuriizimii,qonnaa(kuduraafi muduraa akkasumma horsiisa beelyadaafi kannisaafi Agro pirosessiing)fi daldalaa, industiriifi manufaakcharingiitiif lafa ga`aafi sirna simannaafi keessummeessaa ammaayya`aa magaalattii fakkaatu dirirsuun kan yeroo kamiiyyuu caalaa harka balliftee dhufaatii abbootii qabeenyaaf karrashii bantee simchaa jirti.

***Kominikeeshinii Bulchinsa Magaalaa Jimmaatiin***

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

**Caalbaasii Marsaa 1ffaa**

R/himataa Siisaay Yaadateefi R/himatamtoonni Sisaay Jambar, Immabeet Siyyuum, Heelan Katamaafaa N - 3 jidduu falmii siivilii waa'ee raawwachiisaa murtii jiru ilaalchisee qabeenya murtiin abbaa idaa kan ta'e Gamoo Abbaa Darbii lamaafi lafa jala tokko B+G+2) ta'e, Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaatti Bulchiinsa Aanaa Badhaatuu keessatti ballina $M^2$262.30 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa 2323/2001 ta'e, maqaa Obbo Hayiluu Sabsibee jedhamuun galmaa'ee beekkamu,tilmaama gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 7,534,837tiin gaafa 08/03/2018 sa'aatii 2:30 hanga sa'aatii 4:00tti caalbaasii ifaa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomtanii bitachuu barbaaddan ka'umsa caalbaasii ¼ ykn qarshii 1,883,709.25 Baankii Siinqeetti CPO qabsiisuun ykn cheekii baankiidhaan mirkanaa'e dhiyeessuufi waraqaa eenyummaa keessan ibsu qabachuun sa'aatii 2:30 irraa eegaluun galmooftanii bitachuu kan dandeessan ta'uu mana murtii ajajeera. Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.

---

**Aadde Asnaaquu Nuguseetiif**
**Bakka jirtanitti**

Iyyataan Sh/Baashaa Bojaa Araddoofi waamamtuu isin jidduu falmii maatiifi daa'immanii dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 3:30 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Walmaraa

---

Obbo Ashamii Badhaanee Magaalaa Baatuu Ganda Malkaa Waafiiqoo waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana jireenyaa Kaartaa Lakk.isaa 217J/2883/94 ta'e, waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Baatuu

---

**Obbo Barakat Kiidanuu G/Maadihiniif**
**Bakka jirtanitti**

Himattuun Aadde Mulunaash Baalchaafi himatamaan Baankii Awaashfaa N-3 jidduu falmii jiru ilaalchisee falmiitti makamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa,kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaaggar.

---

**Obbo Abuubakar Kamaalootiif**
**Bakka jirtanitti**

Iyyattuun Aadde Malikaa Umarifi waamamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 10/02/2018 sa'aatii 5:30 irratti deebii keessan qabattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufee gaggeeffamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa.

---

**Caalbaasii**

Murtii Abbaa Mirgaa Aadde Tsiggee Abbaayinaahi fa'aa N-7 fi Murtii Abbaa Idaa Aadde Fatalawarqi Hayilee jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Waliinii(kondominiyeemii) Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa Aanaa 14ffaa piroojektii yekkaa abaadoo saayitii 13 Lakk.Gamoo 451 Lakk.Manaa 17 maqaa raawwiin himatamtuu Fatalawarqi Hayileen galmaa'ee ballina $M^2$ 57 irratti argamu,tilmaama gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 2,168,394tiin caalbaasii ifaan wal-dorgomsiisee gurguruun maallaqa idaa baankii manichaarra jiru baankiidhaaf erga kaffalamee booda,maallaqa hafe bitaafi mirgaaf waan barbaadameef gaafa 13/03/2018 sa'aatii 3:30 hanga sa'aatii 6:00tti iwaan gurguramuuf namoonni caalbaasii kana irratti hirmaachuun bitachuuf fedhii qabdan gatii ka'umsa caalbaasii ¼ CPO baankiitti qabsiisuun iddoo mannichi argamu Magaalaa Finfinnee Kutaa Magaalaa Lammii Kuraa Aanaa 14ffaa mooraa mana jireenyaa waliinii (kondominiyeemii) keessatti qaamaan argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uufi mo'ataan caalbaasii gatii maallaqa ittiin mo'atee guyyaa caalbaasiin itti gaggeeffamee irraa kaasee guyyoota 15 keessatti kaffaluu akka qaba manni murtii ajajeera. Oddeeffannoo Dabalataatiif 0912013152 ykn 0911918247 Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

Aadde Lookoo Liyoo Lakk.Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa [TIN] 0086458401 Magaalaa Adaamaa keessatti Hojii Konistirakshinii irratti bobba'an hajjachaa jiran nagaheen gurgurtaa ittiin galmeeffatan paadii tokko kan irratti hin hojjetamin Lakk.001 hanga 50 jiru na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun Gaazexaa kallacha oromiyaarratti maxxanfamee bahee kaasee guyyaa 15keessatti Waajjira Galiitiif ykn abbaa dhimmaatiif akka deebisu beeksisaa, kana ta'uu baannaan Nagahee bade kanaan galii kamiyyuu walitti qabuunis ta'ee baasii kamiyyuu raawwachuun akkasumas dhimma gara biraatiif oolchuun seeraan kan nama gaafachiisu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa.

---

**Obbo Birhaanuu Sisaayiitiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Birhaanuu Hayilamaariyaamiifi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan akka dhiheeffattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar

---

**1ffaa Barakaat Jamaal Kadiiriif**
**2ffaa Dani'eel Tsaggayee W/Saadiqiif**
**3ffaa Li'ul Seefuu Taaddaseef**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Olaantuu Tsaggaayeefi himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatmaan mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 3:45 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufuu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

**Obbo Eefreem Warquutiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Obbo Biruuk Salamooniifi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/02/2018 sa'aatii 8:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii.

---

**Obbo Tolosaa Dirribaatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataa Obbo Taaddasaa Daffaariifi himatamaa isin jidduu falmii liqaa qarshii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo.

---

Obbo Dassaalanyi Dirribaatiif
Bakka jirtanitti

Himatttoonni Aadde Caaltuu Guzaaw fa'aa N-5 fi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhihaattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu bira darbamee falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Amboo

---

**Dahineeti Kaasaatiif**
**Addisuu Almew Dasiroof**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Gaaromaa Sooressaafi himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaachisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/02/2018 sa'aatii 4:30 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiheeffattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Dugdaa

---

# Wallagga

Obbo Garramuu Dhibbarraa Goobanaa fi Aadde Baaccuu Maarqoos Abbooyyee mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 04 keessatti ballina $M^2$ 451 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa ETH000010294038 kan ta'e Obbo Wandimmuu Hambisaafi Obbo Abdataa Goobanaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramiin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Obbo Dassaalenyi Geetaahuun Gammadaa fi Aadde Ayyaantuu Oljirraa Bultum mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 570 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295693 kan ta'e Obbo Geetaahuun Gammadaa Alabeetti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Maarqoos Waaqgaarii Tuuchoo fi Aadde Taarikee Eebbaa Biraasaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 04 keessatti ballina $M^2$ 255 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010293884 kan ta'e Obbo Malkaamuu Tarrafaa Ayyaanaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Aadde Eebbisee Guutamaa Urgeessaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 176.48 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295909 kan ta'e Obbo Misgaanuu Kennasaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Aadde Buzunesh Aandu'aalam Gabayyoo fi Obbo Qananii Baqqalee Tasammaatti mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 244 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295727 kan ta'e Obbo Taarikuu Fufaa Abdiisaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Obbo Abbabee Tarfaasaa fi Aadde Nuunnuu Birraatuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 248.48irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295408 kan ta'e Obbo Iwunatuu Ballaxeetti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Obbo Yisaaq Mokonnin fi Gaaddisee Burraaqaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 405 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295725 kan ta'e Obbo Lalisaa Darajjee gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Dhaaltoota Aadde Itoophiyaa W/Giyoorgis kan ta'an Obbo Saamsoon Asaffaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti ballina $M^2$ 303 irratti maqaa Aadde Itoophiyaa W/Giyoorgisiin galmaa'ee argamu dhaaltummaa mirkaneeffataniin maqaa ngara isaanii Obbo Saamsoon Asaffaatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Dhiyeessaa Tarfaasaa mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 252 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 17091/W/L/E/N ta'e,Obbo Wandimmuu Yonaasitti gurguranii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramu iyyataniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Aadde Caaltuu Habtaamuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban Lakk.manaa 1219 kan ta'e,Obbo Caalaa Nigaatuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Magaalaa Biilaa

---

Obbo Mulanash Eebbiyyoo Tarfaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo kaartaa dijitaalaa lakk.isaa OR027040502010 ta'e, karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Geetachoo Addaamuu Suukeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Malaakuu Dhufeeraa Magaalaa Najjoo Ganda Y.A kaartaa lakk.isaa 492/2005 ta'e,waan najalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Ibraahim Gammachuu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 02 keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa GK02/319/2016 ta'e,Obbo Qabanaa Fiqaaduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Obbo Yaadataa Baadiree mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk. kaartaasaa GK01/670/2010 ta'e,Aadde Biqiltuu Bal'inaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

B/Saa Ayyalaa Asaffaa mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti argamu B/Saa Daggafuu Asfaatiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kennaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjirta Lafaa Magaalaa Yuubdoo.

---

Obbo Tileertaa Jootee Tulluu mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti argamu Obbo Waqtolaa Iddoosaa Xanoosootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kennaan kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjirta Lafaa Magaalaa Yuubdoo

---

Aadde Abarraash Baayinaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 02keessaa Obbo Kiffiluu Gurmeessaa waliin qaban lakk.isaa 1292 ta'e,Obbo Daamxoo Dirbaabaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Obbo Shuumii Hambisaa mana jireenyaa Magaalaa Jiituu Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 193/WLMJ/2012 ta'e,ballina $M^2$ 1500 irratti argamu ,Obbo Taaddasee Nagaraatti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu

---

Aadde Tigist Aagumaa Tarrafaa N-3 mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu,lakk.kaartaasaa OR027010312016 ta'e,Obbo Daanyee Ejjetaa Leencaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Waltajjii Hundee mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 02 keessaa Aadde Taaddasuu Fiqaaduu waliin qaban lakk.isaa 0180 ta'e,Obbo Mul'ata Tamasgeeniif dabarsuu waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Obbo Misgaanuu Guddataa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 02 keessaa qaban,lakk.kaartaasaa GK02/655/2018 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Mulunaa Bulaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti jaa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Obbo Habtaamuu Fiqaaduu mana daldalaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban,lakk.kaartaasaa BL-6/525/04/655/2018 ta'e,ballina $M^2$ 178.5 irratti argamu,Obbo Faqqadee Burruuseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti jaa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

B/B Aadde Geexee Abeetuu kan ta'an Obbo Wiirtuu Dhinaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Aadde Geexee Abeetuun galmaa'ee ballina $M^2$ 500 irratti argamulakk.kaartaasaa 11230/WBIFLM/11 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin bitatanii maqaa gara isaanii Wiirtuu Dhinaatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraaye beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Li'uul Indaalkaachoo Asaffaa mana daldalaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Qasee Ganda 04 keessatti argamu pilaaniin manaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu waan jalaa badeef haaraan hojjetamee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Shifaa Buraayyuu Magaalaa Dabbasoo Ganda 01/02 keessatti mana maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Yaaddinaa Abbabeetti gurguradheera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyyatu. yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

---

Obbo Ittafaa Bajoosaa magaalaa Dabbasoo Ganda 01/02 keessatti mana maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Saalilish Abboomaatti gurguradheera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

---

Obbo Mitikkuu Nagaasaa fi Aadde Janbaaree Fiixee mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti argamu, Lakk.kaartaasaa 1095/BMB/2018 ta'e,Obbo Dirribaa Gurmeessaa fi Aadde Malkaamee Abdataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 mkeessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

**Obbo Naggaasee Sanbataatiif**
**Obbo Anilleyi Alamaayyootiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Anteenee Daammanaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 11/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Waggaarrii Dhereessaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa B/Jimmaa Ganda 06 keessaa qaban faayila haadhoo pilaanii mana jireenyaa of keessaa qabu mana galmee keessaa na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessinee tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Aadde Lalisee Addisuu mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 7051 fi lakk.kaartaasaa M/Q/M/Gull/2039/2018 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu Aadde Birqee Bantiitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

---

Obbo Taammanee Waqaree mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 7050fi lakk. kaartaasaa M/Q/M/Gull/2046/2018 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Wandimmuu Baqqalaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

---

Obbo Yohaannis Fufaa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 01 keessaa qaban lakk.isaa 1317 fi lakk.kaartaasaa M/Q/M/Gull/644/2007 ta'e,ballina $M^2$ 114 irratti argamu Mahammaed Abduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

---

Obbo Tamasgeen Gannat mana jireenyaa Magaalaa Jiituu Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 330/WLMJ/2013 ta'e, Obbo Badhaasaa Galataatti waan gurguraniif maqaa gara bitataatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu

---

Obbo Kabbadee Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii Ganda 03 keessaa qaban faayila haadhoon kaartaa lakk.isaa 953/KW/91 of keessaa qabu mana galmee keessaa na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessinee tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Saddeetaa Likkaasaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa GK01/1671/2018 ta'e,Obbo Daagim Saddeetaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Iyyattuun Aadde Eelsaabeet Gannat Oogoo mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessatti argamu lakk. isaa 0909 ta'e maqaa abbaa manaa koo Obbo Fiqaaduu Fayyisaa Ofga'aatiin galmaa'ee jiru abbaan manaakoo kun waan boqataniif dhaaltuu abbaa manaa koo waanan ta'eef manni maqaa isaanitiin galmaa'ee jiru gara maqaa kiyyaatti naaf haa naanna'u jechuun iyyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate kan mirkaneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Nagaash Barkeessaa mana jireenyaa magaalaa Dambidoolloo ganda Doolloo keessatti argamu lakk. kaartaa isaa 6591/EMMLM/07 ta'e bal'ina lafaa $M^2$200 irratti maqaa isaanitiin gal;maa'ee jiru Obbo Ashannaafii Wayyeessaatti gurguranii maqaan gara bitataatti akka jijjiiramuuf iyyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Bulchiinsa Magaalaa Dambidoolloo

---

Aadde Shummaabeet Bayyanaa mana jireenyaa magaalaa Qeebbee keessaa qaban lakk. kaartaa isaa 400LMQ/16 ta'e bal'inni isaa $M^2$ 207 irratti argamu Obbo Jimaataa Asaffaatti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Obbo Beekkumaa Asaffaa fi Aadde Haannaa Margaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti mana jireenyaa lakk.kaartaasaa 271/BMB/2010 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Shuumaa Bantiifi Aadde Buzunesh Baliilaatti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifnji kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Obbo Alamaayyoo Shifarraa fi Aadde Addisaalem Tarraffee Magaalaa Ulaa Baabuu Ganda 01keessatti mana daldalaa argamu Gammachiis Baabuufi Darartuu Mangistutti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Bulchiinsa Magaalaa Ulaa Baabuu

---

Obbo Tasfaayee Gurmeessaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa WLMB/714/04/2018 ta'e,Obbo Gammachiis Magarsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Yoonaataa Qajeelaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02keessaa qaban lakk.kaartaasaa WWMLD/95/04/2010 ta'e, obbo Jireenyaa Amanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Aadde Balaayinash Caalaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WLMB/718/04/2018 ta'e,Obbo Caalaa Zawudeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

---

Obbo Taaddasee Mulgeetaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.manaa 0974 ta'e,Obbo Dabalaa Baahiruutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Iddoosaa Waaqjira mana jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WLMB/716/04/2018 ta'e, Warqinash Dhinaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Aadde Ababech Immaanaa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban, maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu, lakk.kaartaasaa WMMLMB/105/04/012 ta'e Sanbataa Tolosaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Boggaalee Fufaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLMB/493/04/012 ta'e,Obbo Ayyaantuu Waalisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Daawwit Leencaa mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLMB/71O/04/2018 ta'e, Obbo Sanbataa Tolasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.

---

Aadde Walalaa Tolosaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLMB/710/04/2018 ta'e, Obbo Abrihaam Boraanatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

**Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!**

## Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Raawwii Karoora hojii gurguddoo manneen murtii Oromiyaa bara 2017

*(Kan darberraa kan itti fufe)*

**Bilisummaa, Itti Gaafatamummaafi Iftoomina Manneen Murtii Cimsuu ilaalchisee**

Bilisummaa, Itti Gaafatamummaafi Iftoomina Mana Murtiifi Abbaa Seeraa cimsuun kallattii gurguddoorratti karoorfamee hojjetamaa jiru keessaa isa tokkodha. Ummanni keenya Mana Murtii loogiifi gartummaarraa bilisa ta'etti tajaajilamuu qaba. Manneen Murtiifi abbootiin seeraa bilisummaa guutuu yoo hin qabaanne haqa mirkaneessuun hin danda'amu. Manneen Murtiifi abbootiin seeraa bilisummaa qabaachuun qoftis haqa baasuuf gahaa miti. Itti gafatamummaa olaanaan hojjetamuu qaba.

Bilisummaafi itti gaafatamummaan wal-madaalaa ta'e akka jiraatu taasisuufi jijjiirama bu'uuraa fiduuf kallattii labsii, dambiileefi qajeelfamoota jiranirratti hojiin hubannoo uumuu hojjetamee jira. Gurmaa'inni qaamolee Gumiifi caaseffamni bilisummaafi itti gaafatamummaa walmadaalaa ta'e hojiirra oolchuuf diriirfamee jiruun humna namaa guuttachuu, dandeettiifi hubannoo cimsuu hojjetamee jira. Qaamolee Gumii sadarkaan jiran dhimmoota bulchiinsa waliigalaafi naamusa ilaallatanirratti aangoo kennameef keessatti qixa barbaadamuun akka raawwatan hordoffiifi deggarsi taasifamee jira.

Itti gaafataummaa mirkaneessuu waliin walqabatee hojiin dagaagina naamusaa dursi kennameefii hojjetamaa ture akkuma jirutti ta'ee, aangoofi gahee hojii seeraan kenname qixa barbaadamuun raawwachuurratti hanqinoota sadarkaa hundaatti mul'atan sirreessuuf hordoffiifi deggersi taasifamee jira. Iftoomina uumuuf hojiin qabeenya hawaasa Mana Murtii galmeessuu raawwatameen muudamtootaafi hoggantoonni walumaagalatti namoonni 11563 qabeenyasaanii akka galmeessan taasifamee jira.

Gama biraatiin akkaataa labsii lak.217/2011tiin naamusa hawaasa Mana Murtii beekuuf xiinxalli naamuusaa karaa Waajjira Naamuusafi Inispekshiinii sadarkaan jiruutiin geggeeffamee hawaasni mana murtii keessaa namoota 11756 sadarkeeffamee jira. Hojiin kun hawaasa Mana Murtii naamuusa gaariifi fakkeenyummaa qaban jajjabeessuun beekamtii kennuuf kan gargaaru yoo ta'u namoota naamuusa hojii Abbaa seerummaa waliin hin deemne adda baasuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf kan gargaaru waan ta'eef bara kana hojii kana irra caalaa sirnoomsuuf dambiin xiinxalaafi sadarkeessa naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa lakk.13/2017 qophaa'ee Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaatiif dhihaatee mirkanaa'uun hojiirra oolee jira.

Hojii naamusa dagaagsuufi hubannoo uumuu ilaalchisee abbootii seeraa, muudamtoota biroofi hojjetootaa bulchiinsaatiif dagaagina naamusaarratti Manneen Murtii sadarkaa sadanitti argaman namoota 12,531 ta'aniif leenjiin kennamee hubannoon akka cimu taasifamee jira. Hojiin sirna diriirsuu, hubannoo uumuu, hojiirra oolchuu akkuma jirutti ta'ee bakka hanqinni mul'atetti hojiin itti gaafatamummaa mirkaneessuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu hojjetamee jira.

Haaluma kanaan namoota duudhaafi naamusa hojii abbaa seerummaa cabsuun hanqina naamusaa argisiisuunsaanii qulqullaa'e namoota 394 irratti tarkaanfiiwwan gosa adda addaa akeekachiisa, adabbii miindaa, sadarkaarraa gadi buusuufi hojiirraa geggeessuu fudhatamee jira. Tarkaanfiiwwan naamusaa fudhataman kana keessaa hanqina naamusaa cimaa raawwatanii hojiirraa geggeeffamuun hojjettootaafi muudamtoota biroo akkuma jirutti ta'ee, Abbootiin seeraa badii naamusa cimaa raawwachuudhaan hojii irraa gaggeeffaman 9 (dhi.9)fi Abbootiin Seeraa sababa gahaa malee iddoo hojiisaaniitti argamuu dhabuudhaan qaeelfama jiru eeguun hojiirraa geggeeffaman 20 (dhi.20) waliigala hojiirraa geggeeffamuun abbootii seeraa 29 (dhi.29) Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaatti dhi'aatee kan mirkanaa'ee fi murtii dhumaatiif Caffee kabajamaa kanaaf maqaafi gosa badii raawwatan waliin miiltoo gabaasa kanaa ta'ee waan dhi'aateef akka mirkanaa'u kabajaan gaafadha.

**-Gaarummaa bulchiinsa keessoofi dandeettii raawwachiisummaa cimsuu**

Gaarummaa bulchiinsa keessoofi dandeettii raawwachiisummaa Mana Murtii cimsuuf bulchiinsaa Qabeenya namaa cimsuufi caasaa Manneen Murtii cimaa diriirsuun hojiirra oolchuudhaan bulchiinsa keessoo Mana Murtii gaaromsuun kallattii xiyyeeffannoo isa duraa ta'ee irratti hojjetamaa turee jira.

Gama birootiin gaarummaan bulchiinsa keessoo Manneen Murtii akka dhugoomuuf sirna hojimaataa bulchiinsa keessoo iftoominaafi hirmaachisaa ta'e, sirna karooraafi gamaaggama raawwii cimaa diriirsuun fooyyessaa deemuun, sirna odeeffannoofi kominikeeshiinii Mana Murtii cimaafi hammayyaa'aa ta'e qabaachuun, sirna bulchiinsa qabeenyaafi faayinaansii cimsuun, rifoormiiwwan hojii irraa jiran sakatta'uun fooyyessuufi haaraa qorachuun hojiirra oolchuun, qorannoowwaan rakkoo hojimaataa Manneen Murtii hiikan qorachuun hojii irra oolchuun dhimmoota ciminaan irratti hojjetamaa turan keessaa isaan muraasadha.

Manneen Murtii mul'ata qabatan milkeessuuf iftoominaafi maqaa gaarii Manneen Murtii cimsuun amantaa uummataa horachuuf hojiin komunikeeshinii bara kana dhaabbilee miidiyaa naannoofi Biyyoolessaa waliin sagantaawwan idileefi al idilee mijeessuun qindoominaan hojjetamee jira.

Itti fayyadamaa miidiyaaleen walqabatee sagantaa raadiyootiin oolmaa dhaddachaafi murtiilee barsiisoo sadarkaa Manneen Murtii sadanitti mata duree adda addaarratti dhimmootni 568 qilleensarra oolee jira. Akka waliigalaatti hojiin gama kaanaan hojjetame gaarii ta'us rifoormii qama abbaa seerummaa keessatti taasifamaa jiru karaa guutuu ta'een uummata beeksisuun amantaa uummatni Mana Murtii irratti qabu dabalaa deemuu irratti ammallee hojii guddaa kan nu gaafatudha.

Yaa'iin Abbootii Seeraa Oromiyaa $6^{ffaa}$n bara kana bifa addaatiin handhuura Oromiyaa Magaalaa Finfinnee Caffee Araaraatti sirna ho'aan kabajamee jira. Yaa'ii kanarratti barreeffamni ajandaa ta'ee dhihaate kallattii Caffeen kaa'een dhimma qulqullinaarratti akka xiyyeeffatu taasifamee mata duree "Rifoormiiwwan Qulqullina tajaajila manneen murtii oromiyaa fooyyessuuf taasifamaniifi bu'aawwan argaman" jedhurratti qophaa'ee bakka keessummoonni olaanoon Federaalaafi Naannolee argamanitti irratti mari'atamee bifa addaatiin kabajamee jira. Yaa'ii kanarratti Manneen Murtii Olaanaafi Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Ooromiyaa raawwii olaanaa galmeessisaniif sirni beekamtiifi badhaasaa taasifamee jira. Gama birootiin Abbootii Seeraa Manneen Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa yeroo dheeraaf tajaajilaa turanii sababa sooramaatiin adda bahaniif haala addaatiin yaa'icharratti sirni galateeffannaafi beekamtii kennuu taasifamee jira. Kunis hawaasa Manneen Murtii sadarkaan jiran gidduutti miira gammachuufi kaka'umsaa kan uumedha.

Riifoormii Manneen Murtii Oromiyaa hojiirra oolchaa jiran naannoo keenya keessatti bu'aa qabatamaa ummata keenya keessatti fidaa jiraachuurra darbee naannolee birootiif fakkeenya ta'ee jira. Haaluma kanaan, bara kana kenninsa tajaajila Abbaa Seerummaa Tekinooloojiin deggeruu irratti Jila Mana Murtii naannoo Amaaraa, Sidaamaa, Gaambeellaa, Giddugala Itiyoophiyaa, Kibba Lixa Ummatoota Itoophiyaa, Mana Murtii Olaanaa Federaalaa, Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaafi Tigraayirraa dhufaniif muuxannoo qooduun deggersi teekiniikaa, seerotaafi sirnoota adda addaa taasifameefii jira.

Gama birootiin gareen Kabajamoo Af-Yaaii Mana Maree bakka bu'oota Uummataa Federaalaan durfamuu, Pireezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa fi Ministeerri Haqaa Federaalaa keessatti argaman akkasumas Af-yaa'iin Naannolee, Pirezidaantotni Manneen Murtii Waliigalaa Naannoleefi Hoggantoonni Biiroo Abbaa Alangaa naannolee 12 keessatti argaman Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Dhaddacha Dhaabbii Bahaa, Mana Murtii Ol'aanaa Shawaa Bahaafi Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee(Adaamaa)tti qaamaan argamuun daawwannaa hojii gaggeessuun hojii rifoormii Manneen Murtii Oromiyaa hojjetaa jiran dinqisiifachuufi galateeffachuun naannoleen hundi muuxannoo Manneen Murtii Oromiyaa akka fudhatanii hojiirra oolchan kallattii kaa'anii jiru.

Dandeettii raawwachiisummaa cimsuu keessatti dhimmi kan biroo leenjiifi carraa barnootaa hojjetootaa cimsuuf kennuudha. Haaluma kanaan marii gaggabaabaa mata duree adda addaarratti kennamaa ture akkuma jirutti ta'ee carraa barnootaa ergamaafi mul'ata Manneen Murtii galmaan geessisuuf gargaaran akkaataa qajeelfama hojiirra jiruun hojjetamaa tureera. Gama kanaan, carraa Manni Murtii uumuufi kanneen dhuunfaan barbaaddatan jajjabeessuun carraan barumsaa digirii $3^{ffaa}$ "PHD" namoota sadiif hayyamamee ture keessaa namni tokko kan xumuran yoo ta'u, 2 barataa jiru. Carraa barumsaa digirii $2^{ffaa}$ tattaaffii dhuunfaan argatanii kan baroota darban hayyamameefii ture dabalatee namoota 19 hojiirraa bilisa ta'anii barataa jiru.

Manneen Murtii keessatti hojii tarsiimowaa ta'e uumuuf hojimaata Manneen Murtii qorannoofi qo'annoon deggeruun barbaachisaadha. Hojii jijjiiramaa bulchinsa keessoo Mana Murtii gaaromsaniifi kenna tajaajila abbaa seerumaatiif si'oomina, qulqullina, dhaqaabamummaafi bu'aqabeessummaa cimsan qorachuun hojiirra oolchuuf hojjetamaa tureera.

Tajaajila Mana Murtiitiin kennamu ilaalchisee itti quufinsi maammilaafi amantaan ummanni Mana Murtiirratti qabu sadarkaa irra jiru beekuun barbaachisaa waan ta'eef gama ILQSO xiinxalamee akka dhiyaatu godhamee bu'aa dhiyaate yoo ilaallu Itti quufinsi kenna tajaajila Manneen Murtii % 85.33fi Amantaa Uummatni Manneen Murtii Oromiyaarratti qabu % 86.02 irra jiraachuu isaa mirkaneessee jira. Kunis tarsiimoo jijjiirama qaama abbaa seerumma naannoo keenya eegalame karaa sirriirra jiraachuusaa kan mirkaneessedha.

Gama birootiin dandeettii raawwachiisummaa Manneen Murtiis ta'e kan qaamolee haqaa cimsuu keessatti hojii hedduun gama Inistiitiyutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa (ILQSO)n hojjetamanii jiru. Haaluma kanaan, dandeettii raawwachiisummaa qaamolee Haqaa cimsuuf Sagantaa leenjii hojiin duraa marsaa $17^{ffaa}$tiin leenjifamtoota 180 (dhi.122fi dub.58) leenjii xumursiisuun gahumsi isaanii mirkanaa'ee qaamolee haqaatti akka makaman ta'ee jira. *Gara fuula 19tti*

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**

# Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*





## Miidhaawwan dubartootaafi daa'immanirratti raawwataman maqsuuf ammas xiyyeeffannaa cimaa barbaada

Biiroon Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa naannichatti hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaatiin jiru guddisuu akkasumas mirgaafi nageenya daa'immanii eegsisuurratti abbummaan hojjechaa jira. Hojii kana yeroo hojjetus, qaamolee hawaasaa garaa garaafi dhaabbilee deeggartootaa adda addaa hirmaachisiuuni.

Haaluma kanaan, biirichi dubartoonni gama dinagdeefi hawaasummaatiin hirmaannaafi fayyadamummaansaanii akka guddatu akkasumas mirgaafi nageenyi daa'immanii akka eegamuuf hojilee bal'aa karoorsuun xiyyeeffannaan hojjechaa tureera, hojjechaas jiraachuu Hooggantuu Itti Aantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa Aadde Sarkaalam Saakumee. Kunis, Labsiiwwan, imaammataafi tarsiimoo mootummaan gama kanaan baasee hojiirra oolchaa jiruun hojiilee hedduu hojjetamaa jiraachuuni jedhan.

Kana malees, bakka mootummaan hin qaqqabnetti hirmaannaa hawaasni bal'aafi dhaabbileen deeggarsaa garaagaraa akkasumas abbootii qabeenyaa walitti qindeessuuniifi hirmaachisuun hojilee tajaajila lammummaatiin dubartoota harka qalleeyyiif manni akka ijaaramu, daa'imman maatiinsaanii harka qalleeyyii ta'aniif meeshaalee barnootaa bituun carraa barnootaa akka argatan taasisuu akkasumas dubartoonnis ta'e daa'imman sababoota garaa garaatiin miidhaaf saaxilaman deeggarsaafi tajaajila garaa garaa akka argatan taasifamaa tureera, taasifamaas jira jedhan.

Gama biraatiin, biirichi dubartootaafi daa'imman naannichaa sababoota garaa garaatiin miidhaawwan adda addaatiif akka hin saaxilamneef dursee hojii ittisaarratti hojjechuun hojii isa jalqabaati kan jedhan Aadde Sarkaalam, kana amilkeessuufis, haala itti miidhaalee dubartootaafi daa'immanirratti raawwataman dursanii ittisuun danda'amurratti hawaasa sadarkaan jiruuf hubannoo uumuudhaani. Dubartoonniifi daa'imman hojilee gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasa keessatti akka hirmaatan taasisuunis hojii sadarkaa lammataarratti xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jiraachuu ibsan. Kanarra kan darbe dubartoonnis ta'e daa'imman rakkoolee garaa garaatiif saaxilamanii yeroo argamanitti ammoo giddugalaawwan itti gargaarsa argachuu danda'an qopheessan akka tajaajila argatan taasifamaa jiraachuus himaniiru.

Biirichi rakkoolee walxaxoo daa'immaniifi dubartootarratti raawwataman akkaataa hambisuun dandaa'amurratti tibba darbe Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnootti bakka bu'oota qaamolee hawaasaa garaagaraarraa walitti baba'an Abbootii Gadaafi Haadholii Siinqee, Abbootii Amantaa, qaamolee haqaafi bakka bu'oota afooshaalee hawaasaarraa waliin mari'ateera.

IttigaafatamtuunWaajjiraDhimmaDubartootaafi Daa'immanii Magaalaa Shaggar Aadde Liidiyaa Caalii Waltajjii marii kanarratti barreeffamni dhiyeessan akka agarsiisetti Magaalaa Shaggar Kutaalee Magaalichaa garaagaraa keessatti miidhaawwan akka reebichaafi ajjeechaan walqabatan dubratootarratti raawwatamuun ammallee babal'achaa jira. Haala walfakkaatuun daa'immanirratti gochi ajjeechaafi reebichaa raawwatamus hammaachaa jiracahuufi daa'imman dhalatan daandiirratti gatuunis yaaddoo cimaa ta'aa jiraachuu barreeffamni kun ibseera.

Aadde Liidiyaa Caaliin barreeffama dhiyeessaniin akka jedhanitti poolisiin yakkoota raawwataman qoratee seeratti wayita dhiyeessu gama mana murtiitiin murtii yakka raawwatame madaaluufi barsiisaa ta'e kennuurratti hanqinni guddaan waan jiruuf xiyyeeffannaa kan barbaadu ta'uu kaasaniiru. Akka Magaalichaatti hojiiwwan seektaroota dhimmi ilaalu waliin ta'uun hojjetamaa jiran ciminaan kan itti fufan ta'uu eeraniiru.

Qaamoleen hawaasaa marii kanarratti hirmaatan tokko tokkos waltajjicharratti yaada kennaniin miidhaaleen raawwataman kunneen ka'umsisaanii guddaan hanqina naamusaa, maatiin ijoolleesaa to'achuu dhabuu, gaafatamummaan seeraa cimaan dhibamuu waan ta'eef fuula duratti irratti hojjetamuu akka qabu gaafataniiru. Dhaloonnis safuufi duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'uu akka qabu namoonni yaadasaanii kennan kunneen yaadachiisanii jirau.

Hoggantuu IttiAantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa Aadde Sarkaalam Saakumeen miidhaawwan dubartootaafi daa'aimmanirratti raawwataman ammallee hammaachaa dhufuu himanii, kunis bal'inaan kan mul'atan maddisaaniin maatiifi firootarraa ta'uu dubbataniiru. Hanqinni naamusaa jiraachuu,maatiin ijoolleesaa hordofuufi to'achuurratti hanqinni jirus rakkoo kana babal'isaa jira jedhan.

Kanaaf, marii akkanaa qopheessuun hawaasni hundi rakkooleen kun jiraachuu hubatee ittisuufi yakkoonni akkanaa daa'immaniifi dubartootarratti yeroo raawwataman saaxiluun seeraan akka gaafatamu gochuu keessatti ga'eesaa akka ba'uufi jedhan.

Hundaa ol ammoo Abbootiin Gadaafi Haadholiin Siinqee, Abbootiin Amantaafi jaarsoliin biyyaa bakka hundatti dholoonni safuufi naamusatti akka guddatuuf barsiisuufi gorsuu akka qaban dhaamaniiru.

Biirichi miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'u ittisuuf Dhaabbata Taateewwaniifi Beeksisaa Meerii Didhaa waliin hojjechuuf kan waliigale yoo ta'u, guyyaa har'aa Beeksifni Biilboordii lakkoofsa bilbila tolaa miidhaa gama kanaan gahu ilaalchisuun ittiin eeruu kennuun danda'amu 8408, 919fi 8722 Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo keessatti dhaabameera.

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!**

# Oduu

## "Hoggansi sadarkaan jiru rakkoo hiikuun . . .

eegama jedhan.

Hoggansi sadarkaan jiru hojiilee karoorfaman haala itti hogganaa jiru, rakkoolee interpireenummaa, seera alummaa dinagdee xaxanii jiran akkamiin hiikaa jirra, aadaa qusannaa akkamiin hogganaa jirra, humnoota waloo sirnaan qindeessee fayyadamuurrratti, hojiiwwan badhaadhina maatii mirkaneessuu haala itti hogganaa jirru, hojiilee karoorsine baay'ina, qulqullina, ariitiifi kalaqaan hojjechuurratti haalli itti hogganamaa jiru sirriitti xiinxaluun hanqinoota mul'atan furuurratti kallattii qabatee fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuufi hojii dhaloota ceesisuu hojjachuu qaba jedhan.

Dabalataanis hannaa, rakkoo hoji dhabdummaa, qaalayinsa jireenyaa, rakkoo kenna tajaajilaafi waan xiqqoo hojjechuun itti quufuun biyya miidhanirratti cichoomina olaanaan hojjachuu akka qaban hubachiisaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaaloo Tafarraa gamasaaniin bara waadaa gallee gochatti jijjiiruun roga maraan milkaa'inoonni hedduun argamaniiru jedhan.

Caasaa nageenyaa naannichaa cimsuun nageenyi mirkanaa'ee hojiilee misoomaaf haalli mijaawaan akka uumamu taasisuurratti hojiileen milkaa'ina gaarii qaban hedduun argamuu himaniiru.

Rakkoolee bulchiinsa gaarii hiikuun kenna tajaajilaa fooyyessuufis naannichatti wiirtuuleen kenna tajaajila iddoo tokkoo 5 akka hundaa'an ta'eera jedhan. Ayyaanonni ummataas karaa nagaafi tasgabbii qabuun akka kabajaman ta'eeras jedhan.

Hojilee hojjetamaa turan keessatti harcaatiin mul'atan sakatta'amanii yeroo itti aanutti milkeessuun filannoo bara kana geggeeffamu paartiin keenya mo'atee milkaa'inoota galmaa'aa jiran sadarkaa olaanaatti ceesisuuf hojii cimaa hojjechuutu nurraa eegama jedhaniiru Obbo Kaffaaloon.

Gabaasni raawwii hojii Mootummaafi Paartii kurmaana $1^{ffaa}$ bara 2018 waltajjii kanarratti dhiyaate akka agarsiisuttui hojiileen yeroo itti aanutti xiyyeeffannaa guddaa barbaadan jiraatanis akka walii galaatti gama Paartiifi Mootummaa naannichaatiin hojiilee kurmaana kana keessatti karoorfamanii hojjetamaa turaniin milkaa'inoonni hedduun argamaniiru.

Haaluma kanaan, hojii misooma midhaanii qonna Arfaasaatiin lafa hektaara mil. 1.76 facaasuuf karoorfame keessaa mil. 1.8 faca'eera, midhaan Gannaatiin lafti hektaarri mil.10.4 kan misoome yoo ta'u, bara oomishaa 2017/2018'tiin lafa waliigala misoomsuuf karoorfame hekt. mil. 10.4 keessaa hekt.mil. 7.6 tiraaktaraan misoomeera.

Misooma qamadii Gannaatiin lafa hekt. mil.2.7 misoomsuuf karoorfamee hekt.mil.3.03 misoomeera, hojiin misooma garbuu Biiraafi Ruuziis %100'n raawwachuu gabaasa dhiyaate kun ni agarsiisa.

Hojii dhiyeessii makaanaayizeeshiiniis tiraakteraa kan dura turerraa gara kuma 8fi 278'tti guddateera, paampiiwwan naannichatti dhiyaatanis % 47 ga'uun eerameera.

Hojiin Ashaaraa Magariisaa, dhaabbiin biqiltuu bunaas haala karoorfameen raawwachuun ibsameera.

Oomisha bara 2017/2018'tiif xaa'oo kuntaala miliyoona 10.5 dhiyeessuuf karoorfame keessaa % 87 kan dhiyaate yoo ta'u, % 66 qonnaan bultoota bira ga'uun ibsameera.

Gama misooma barnootaatiin yeroo ammaa naannichatti manneen barnootaa kuma 35fi 576 kan gahan yoo ta'u, kana keessatti hanga ammaatti barattoonni miliyoona 12fi kuma 96 ol barachuurratti argamuu ibsa gabaasni dhiyaate kun.

Hojiilee gama fayyaa hawaasaa eegsisuufi tajaajila da'umsaatiin kurmaana kana keessatti hojjetamaniinis milkaa'inni gaariin jiraachuu gabaasni dhiyaatee eereera.

Hojiilee hojjetamaniin milkaa'inoonni gaariin argamanis, hojiilee karoorfaman sadarkaa walfakkaatuun ariitii, qulqullina, baay'inaafi kalaqaan deggeruun raawwachuurratti ammas xiyyeeffannaa cimaan hojjechuu akka gaafatu gabaasa kanaan ibsameera.

Waltajjii gamaggamaa raawwii hojii Paartiifi Mootummaa kurmaana $1^{ffaa}$ bara 2018 geggeeffamaa jiru kanarratti hoggansi sadarkaa naannoo, godinaa, magaalaa hirmaachaa kan jiru yoo ta'u, kalattiin hojii itti aanuu kaa'amuun guyyaa har'aa ni xumurama jedhamee eegama.

## Mootummaan Naannoo Oromiyaa Doqdoqqeewwan . . .

fudhateen caasaa Gandaa bifa haaraan gurmeessuun itti dhiyeenyaa hawaasaaf tajaajila kennamaa jiruun bu'aa gaariin argamaa jiraachuu ibsaniiru.

Ce'umsa hunda galeessa dhugoomsuuf hojii hojjetamaa jiru yeroo gabaabaa keessatti milkeessuuf dursa caasaan Gandaa sadarkaa barbaadamuun cimsuun murteessaa ta'uu eeranii,

Doqdoqqeewwan kennaman kunis caasaa Gandaa loojestikiidhaan deeggaruun tajaajila mootummaa caalmaatti uummatatti siqsuuf kan dandeessisaniidha jedhan.

Caasaan Gandaa sadarkaa barbaadamutti guutummaatti lafa qabannaan bu'a qabeessummaan mootummaa kan dabalu ta'uus ibsanii, Mootummaan Naannoo Oromiyaa caasaa Gandaa cimsee ummaanni tajaajila barbaadu sadarkaa barbaadamuun akka argatuuf tumsa taasisuu cimsee itti fufas jedhaniiru.

Hogganaan Biiroo Maallaqaa Oromiyaa Obbo Tolosaa Gaddafaa gamasaaniin, Mootummaan Naannoo Oromiyaa bajata guddaa ramaduun doqdoqqee iddoo hunda gahee ummata tajaajilu bitee kennuu kaasanii, kunis hawaasni tajaajila si'ataa akka argatu kan dandeessisuudha jedhaniiru.

Kaayyoo ijoon doqdoqqeewwan kun bitamaniifis bakka ummanni jiru bira ga'anii tajaajila bu'a qabeessa akka kennamuufi waan ta'eef, tajaajila mootummaan ummataaf kennu milkeessuuf qofa ooluu qabanis dhaamaniiru.

## Naannoo Oromiyaatti hanga kurmaana . . .

Haalumaa kanaan, kurmaana $1^{ffaa}$ darbe keessatti qarshii biiliyoona 65. 8 walitti qabuuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoota'u, qarshiin biiliyoonni 64.1 walitti qabameera jedhan.

Kana raawwachuun danda'ames hojii hubannoo uumuu, hooggansi seektarichaa abbummaan akka hoogganu taasisuufi hooggansi sadarkaan jiru hundi ajandaasaa akka taasifatu gochuu akkasumas seektaroonni qindoominaas hojii guddaan waan sirna sassaabbii galii teekinoolojiin ammayyeessuuf e-tax irratti hojiin eegalamee jiraachuus dubbataniiru.

Kunis, hannaafi saamicha galii hambisuun cinatti yeroofi baasii akkasumas dhamaatii abbaa dhimmaa kan hir'isuudha jedhan.

Magaalonni naannichaa 12 gara tajaajila teekinoolojii sassaabbii galiitti akka dhufaniif hojjetamaa jira jedhan.

Galiin naannichaa keessaayyuu waggoottan torban darban keessatti dabalaa dhufeera kan jedhan Obbo Tasfaayeen galiin naannichatti walitti qabamaa jiru guddina dinagdee naannichatti dabalaa jiru waliin waan wal hin simanneef hojii guddaa barbaada jedhan.

Carraawwan naannichi qabu adda baasuuniifi seera alummaa sassaabbii galii keessa jiru hubannoo uumuurratti hojjechuun sirreessuufi kan seerarra darbe tarkaanfii seeraa fudhachuun sirreessuun galiin naannichaa sadarkaa barbaadamuun akka sassaabamuuf ni hojjetama jedhaniiru.

Kaffaltoonni gibiraas gibiraafi taaksii yeroon kaffaluu akka qaban Obbo Tasfaayeen dhaamaniiru.

## Biirichi bara kana hanga Kurmaana . . .

walumatti lammiilee kuma 256'f carraan hojii uumamuu himaniiru.

Carraan hojii uumame kunis baadiyyaafi magaalaatti inisheetiivota misoomaa garaagaraa bocamanii hojiirra oolaa jiran akkasumas carraa hojii biyya alaarratti ta'uu himaniiru.

Carraa hojii lammiileef uumamu kanaaf qarshiin biiliyoonni 3fi miiliyoonni 2 dhiyaachuu Obbo Waasihuun himaniiru.


**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**

## Bohaartii

*Bushraa Alii*

# Boolla Gurraacha( Black hole): Hawaa keessaa bakka qorattoonni ga'uu hin dandeenyeefi yoo ga'anis deebiin hin jirre

Kutaa hawaa keessaa tokko kan ta'e 'black hole' yeroo hunda maqaansaa wayita ka'u jechoonni akka dinqisiisaa, raajii, iccitii, balaafamaa... waliin ka'u. Waan homaa hin jirre fakkaata, homtuu hin mul'atu. Miira sodaafi balaa hamaa namatti uuma. Waan ofitti nu harkisee nu liqimsee hafu fakkaata. Achitti yeroon homaa miti. Ogeeyyiin kutaa hawaa kanaan 'black hole' jedhaniin. Wanti homaa keessaa namatti mul'achuu hin dandeenye kun akkaan murteessaadha, humna guddaa qaba. Harkisi isaa akkaan cimaadha. Akka black kan harkisa jabaa balaafamaa qabu hin jiru. Iddoon dhokataafi iccitii 'black hole' maali? Qorattoota hawaa maaliif yaaddesse? Bakki akkaan murteessaafi humna jabaa qabu maaliif jedhame?



**Black hole akkamiin uumama?**

Kutaa hawaa keessaa bakki qorattoonni hawaa black holes jechuun moggaasan urjiiwwan barbadaa'an irraa uumamu. Caccabaan urjiiwwanii akkaan xixiqqoofi rukkina akkasumas ulfaatina guddaa qabantu 'black holes' uuma. Hangi qaama urjiiwwanii murteessaan (core) hanga biiftuu dachaa sadi yoo ta'e humni harkisa isaa humnoota kaan hunda caaluu danda'a. Yeroo kana caccabaan waan kanaa kukkufuun bakka tokkotti qaama 'black hole' jedhamu uuma. Black holes rukkina guddaa akkaan jabaa ta'e qaba. Hangi isaanii akkaan guddaa ta'uun guulli harkisaa (gravitational pull) cimaa akka ta'u taasisa. Humni kun hanga ifa aduu liqimsuutti ga'a. Kanaaf baay'ee gurraacha'a.

Ogeeyyiin hawaa gaalaaksiiwwan geengoofi golboo ta'an hedduun handhuurasaanii irratti black holes qabu jedhanii amanu. Black hole gosa saditu jira. Stellar-mass black hole kan jedhamu hangaan baay'ee xiqqoodha. Kun hanga biiftuun yoo madaalamu yeroo tokkoo fi 100 ta'a. Danaan urjii inni gidduu (handhuurri) erga caccabee booda dhoohinsa uumamurraati kan uumamu. Black hole inni guddaan *Supermassive black holes* jedhamu hangi isaa kan biiftuu yeroo miiliyoonota yookiin biiliyoonota hedduu ta'a. Gosti blackhole kun gosoota kaan akkasumas urjiiwwan biroo harkisee ofitti dabaluun hangaafi danaa guddaa qabaatee kan uumamuudha. Gosti black hole sadaffaan *Intermediate-mass black holes* jedhama. Kun ammoo kan jalqabaafi lammataa gidduutti kan argamudha. Waa'een black hole gosa kanaas iccitiidha. Waan hedduu beekuun rakkisaadha. Garuu ulfaatina aduun yoo madaalamu yeroo 100fi kuma 100 gidduu akka ta'u tilmaaman qorattoonni hawaa.

**Black holes maaliif barbaachisan?**

Black holes sochii jeeqamaa urjiiwwan hawaa keessatti taasisan hubachuun waan gaalaaksiin keenya itti jiru beekuun alatti saayintistootaaf barnoota fiiziksii guddoo kennaaf. Tiyooriin birqamaa saayintistii beekamaa addunyaa Albart Ayinistaayin- Einstein's theory of general relativity jedhamu wantoonni haala bakkaafi yeroon jijjiiramu jedha. Kun ammoo guula harkisaa (gravity) uuma.

Rukkina cimaa kan qaban black holes wantoota hanga guddaa qaban waan ta'aniif harkisa guddaas qabu. Haalli kun tiyoorii Ayinistaayin qoruun waan oolu miti. Fakkeenyaaf handhuura (walakkaa) black hole tokkoo yoo ilaalle akkaan walxaxaadha. Humni achi jiru akkaan jabaa waan ta'eef wantoota erga ofitti harkisee maaltu akka itti aanu baruuf saayintistoonni ni rakkatu. Akkaataan tiyoorii birqabaa Ayinistaayiniin yoo ilaalamu wantoonni gara black hole erga harkifamanii booda ni dhabamu.

Tiyooriin fiiziksii dhimma wantootaafi ifaa ilaalu- *quantum mechanics* ammoo kun waan ta'u miti jedha. Tiyooriiwwan lameen walitti araarsuuf black holes dirree akkaan murteessaa ta'edha. Ogeeyyiin astiroo fiiziksiifi herregaa (astrophysicists and mathematicians) qorannoo bal'aa gaggeessuun gara tokkotti dhufuuf dirreen kun faayidaa guddaa qaba.

**Black holes arguu dandeenyaa?**

Black holes guula harkisaa (gravitational pull) olaanaa waan qabuuf dandeettii salphaatti ifa liqimsuu qaba. Kanaafuu kutaan akkaan gurraacha'u waan ta'uuf kallattiin arguun hin danda'amu.

Sababa kanatti qorattoonni hawaa teleskoppii leensiifi fullee fayyadamuun bakka ifi jiru irratti xiyyeeffatee argu fayyadamuurra teleskoppii dambaliifi carallaa giraavitii arguu danda'u fayyadamaa jiru. Albart Eyinstaayin bara 1915 keessa wantoonni yeroo hawaa keessa socho'an dambalii isaan uuman irratti tiyoorii baasee ture.

Jaarraa tokko booda bara 2015 tiyooriinsaa kun sirrii ta'uun mirkanaa'e. Qorattoonni jaarmiyaa Laser Interferometer Gravitational-Wave Observatory (LIGO) jedhamu yeroo jalqabaaf dambalii guula harkisaa wayita adda baasan tiyooriin Eyinistaayin baase sun sirrii ta'uu dhugaa bahan. Black holes wantoota naannawasaanii jiran irratti dhiibbaa uumaniin eessa akka jiran baramu malee kallattiin hin mul'atan. Gaazii, dhukkeefi urjiiwwan ofitti harkisuun erga liqimsanii booda akkaan ho'u. Isa booda carraa ho'aa cimaa ta'e gadhiisu, kanaan eessa akka jiran baramu. Ebla 2019 suuraan black hole gaalaaksii Massier 87 jedhamee moggaafame gaadiddeessee argamee ture.

Gaalaaksiin kun qaama tuuta gaalaaksii *Virgo* jedhamanii yoo ta'u gaaddidduun black hole kan argamuu danda'e teleskoppii *Event Horizon Telescope* jedhamuun beekamuun argame. Kun tuuta teleskoppii saddeet bakka tokko dhaabamanii black hole suuraa black hole argachuuf qofa hojjetamedha. Suuraan bara 2019 argame sun kan black hole, hanga biiftuu yeroo biiliyoona 6.5 ta'uuti jedhame. Dacheerraa ammoo bara ifaa miiliyoona 55 fagaata. Suuraan argame sun ifa miidhagaa wayitti marfame fakkaata. Gaazii ho'etu dambali'ee daangaa black hole marsee mul'ata.

**Black hole keesatti yoo kufan maaltu ta'a?**

Gaaffii guddaan kana. Dhugumayyuu utuu black hole keessatti kufanii akkam ta'u? Raagi waan kanaa hagas mara miti. Dhugaa jiru raaganii ibsuunis baay'ee waan danda'amu miti. Humni black hole garuu qaama namaa kana akka paastaa gochuu danda'a jedhan qorattoonni. Humni harkisaa achi jiru qaama namaa gubbaa hanga godaatti ofitti maxxansuun gargar diddiiguu danda'a jedhan. Gara kutaa hawaa maalummaansaa hin beekamnee black hole kana deemuuf qaamni ija jabaatee as ba'e hin jiru. Garuu yoo ta'eef imallisaa sarara daangaa pilaaneetotaafi bakka kanaa event horizon jedhamee beekamuurraa eegala. Sarara sana dabarraan as deebiin hin jiru. Keessa teessee nama ala jiru arguu dandeessa, garuu kan ala jiru si arguu hin danda'u.

***Maddi: BBC Afaan Oromoo***

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!**

Aadde Aragaash Geetahuun, Aadde Sannaayit Geetahuun, Aadde Maartaa Geetahuun fi Obbo Tinsaayee Geetahuun mana jireenyaa lakk.isaa 78 fi mana daldaalaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessatti maqaa Abbaa Isaanii Obbo Geetahuun Wayyeessaafi haadha isaanii Aadde Aagituu Daaqaatiin galmaa'ee jiru,dhaaltoota ta'uu mana murtiin waan mirkaneeffataniif maqaan gara isaanitti akka jijjiirramuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Lidituu Taaddasee fi Aadde Mirteworqi Taammiruu mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1109/BMB/2018 ta'e,Obbo Dassaalenyi G/M/Tasfaayeefi Aadde Zannabech Ifreemitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Aadde Almaaz Imaamaa mana jireenyaa Magaalaa Ulaa Baabuu Ganda 01 keessatti argamu, Obbo Biqilaa Firdiisaatti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Bulchiinsa Magaalaa Ulaa Baabuu

---

Aadde Abazzaash Firdisaa fi Obbo Azzaachoo Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Ulaa Baabuu Ganda 01 keessatti argamu, Obbo Wandimmuu Cannaaloofi Aadde Amaarech Asaffaatti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Bulchiinsa Magaalaa Ulaa Baabuu

---

Dhaaltoota Bayyanaa Disaasaa N-8 kan ta'an ,mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti maqaa Obbo Bayyanaa Disaasaan galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, dhaaltummaa mirkaneeffataniin maqaa gara Raaheel Bayyanaa, Shittaayee Bayyanaa, Almaaz Bayyanaa, Burtukaan Bayyanaa, Qalbeessaa Bayyanaa,Tsahaay Bayyanaa, Damee Bayyanaafi Jootee Bayyanaatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Asfa'uu Baayisaa mana Magaalaa Goorii Ganda 01 keessaa qaban ,ballina $M^2$200 irratti argamu, Obbo Eebbisaa Olaaniitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Goorii

---

Ubayyaa Habtee mana Magaalaa Goorii Ganda 02 keessaa qaban ,Obbo Alamituu Undeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Goorii

---

Obbo Shifarraa Immiruu Gammadaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.kaartaasaa 170/IFLM/2018 ta'e, Obbo Mokonnin Abdiisaa Tarfaasaatti gurguratanii waan jiraraniif kan mormu yoo jiraate beeklsifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiuhaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

---

B/B Aadde Geexee Abeetuu kan ta'an ,Obbo Wiirtuu Dhinsaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Aadde Geexee Abeetuun galmaa'ee ballina $M^2$ 500 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 11230/WBIFLM/11 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin bitatanii maqaan gara Obbo Wiirtuu Dhinaatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Tasfaayee Yaadataa Waggaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Bubbee Ganda 01 keessatti argamu Gammachuu Liidatuu Taammaneetiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Dhaaltota Guddinaa Naadoo mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 330 irratti argamu,lakk,kaartaasaa MJ/5171/2018 ta'e, Ibsaa Geetahuunitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 haa dhiuhaatu,Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

B/B Obbo Waggaarii Caalaa Turaa kan ta'an Obbo Saamu'eel Tafarii Amanaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa Obbo Waggaarii Caalaan galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa WHGMDD/5176/05 ta'e, Obbo Faqqadee Abdataa Bulchaatti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Miratuu Alamaayyoo Fayyisaa mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk. kaartaasaa 15816/WL/2015 ta'e,Obbo Dabalaa Geetachoo Gibeetti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiirramu gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Abuluu Tarfaasaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 190 irratti argamu, lakk.kaartaasaa 14282/WL/2015 ta'e, Obbo Qananiisaa Amaanuu Wayyeessaatti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

B/B Obbo Addisuu Kumarraa kan ta'an Aadde Almaaz Abdiisaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa Obbo Addisuu Kumarraan galmaa'ee ballina $M^2$ 265 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 12208/WBIFLM/12 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin bitatanii maqaa gara isaanii Aadde Aadde Almaaz Abdiisaatti gurgurataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Sayiid Nuuruseen fi Aadde Lamlam Gabrekidaan mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 348 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 060/BMB/2001 ta'e,Obbo Faantaahun Tasfaayee fi Aadde Abarraash Takkaalenyitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Obbo Birhaanuu Bantii Mashashaa mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti argamu ,Aadde Ittiyyaanee Bayyanaa Lookoof kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

---

Obbo Birratuu Addunyaa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessaa qaban Naasir Karoorsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Aadde Kuukkuu Gubbanaa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 500 irratti argamu, lakk.kaartaasaa MJ/5/09/18 ta'e, niitummaa mirkaneeffachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Aadde Zartihuun Shaambii mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee keessaa qaban ,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk. kaartaasaa 160/LMQ/16 ta'e,Obbo Mitikkuu Abarraatti gurguratanii maqaan akka jijjiirramu waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Obbo Jifaar Nagawoo Baatii mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 193.6 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 16842/WLEM ta'e, mucaa isaanii Obbo Taarikuu Jifaariif kenneera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan raawwatuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Aadde Tigisti Aagumaa Tarrafaa N-3 mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessaa qaban,lakk.kaartaa dijitaalaa OR027010312016 ta'e,dhaaltummaa abbaa isaanii argataniin Obbo Daanyee Ejjetaa Leencaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Yaadachuu Abarraa Qananii mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Yaakkoo Alaltuu keessatti argamu ,lakk. kaartaasaa 5784/2017 ta'e,Obbo Rooberaa Tamasgeen Ciibsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Aadde Mulunash Eebbiyyoo Tarfaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu lakk.kaartaa dijitaalaa OR027040502010 ta'e, karaa bakka bu'aa isaaniin Obbo Geetachoo Addaamuu Suukeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Aadde Jabanee Hayiluu Ittafaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu ,lakk.kaartaasaa 7489/2018 ta'e,Obbo Abbayaa Saddeetaa Waaqayyootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Tasfaa Geetachoowu Barkeessaa mana daldalaa Magaalaa Najjoo Ganda Dhaka Badeessaa keessatti argamu ,lakk.kaartaasaa 394/BMN/2001 ta'e, Obbo Abraaham Mohaammad Kabaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Malkaamuu Yaadasaa Aagaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessatti argamu lakk.kaartaa dijitaalaa OR027020616008 ta'e, Obbo Shimallis Garramuu Geetaahunitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Gammachiis Kitilaa Seedaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu lakk. kaartaasaa 4676/2015 ta'e, Obbo Mootii Namarraa Dafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Gaaddisaa Faqqadee Darasuu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Yaakkoo Alaltuu keessatti argamu lakk.kaartaasaa 7208/2017 ta'e,Obbo Solomoon Eebbisaa Mardaasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaala Najjoo

---

Obbo Bashaa Taayyee Shifarraa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Dhaka Badeessoo keessatti argamu lakk. kaartaasaa 5498/2016 ta'e,Obbo Amanoo Dabalii Gurmeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaala Najjoo

---

Obbo Malaakuu Dhufeeraa Magaalaa Najjoo Ganda Y.A kaartaan orjinaala lakk.isaa 492/2005 ta'e,waan najalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Takilee Xilaahun mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLMB/710/04/2018 ta'e,Obbo Abrihaam Booranaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Karrasaa Jiraataa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 02 keessaa qaban, lakk.kaartaasaa M/Q/M/Gull/2044/2018 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Fiqiruu Yaadataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

---

Aadde Daraartuu Daani'eel mana jireenyaa Magaalaa Jiituu Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 843/WLMJ/2017 ta'e,Obbo Daawwit Habtaamuutti gurgurtanii maqaa gara isaaniitti akka jijjiirramuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu

# Beeksisa Caalbaasii

## Baale

**Beeksisaa Caalbaasii Ifaa**

Beeksisaa Caalbaasii Ifaa Bittaa Nyaata Barattootaa fi Zeeytaa Nyaataa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Waajjirri Maallaqaa Godina Baalee Bahaa Manneen Barnoota Sadarkaa 1ffaa Aanoota Gammoojjii Godina Baalee Bahaa keessatti argamaniif Aanaa Sawweenaa, Aanaa L/hidhaa , Aanaa Raayituu, Aanaa Daawwee Saraarii fi Aanaa Dawwee Qachaniif Bittaa Nyaata Barattootaa fi Zeeytaa Nyaataa bara baajata 2018tiif Ooluu Dhabbata Ulaagaa gaafatame guutuu dandayaan irraa mala bittaa caalbaasii ifaa baasuun Wal-dorgomsiisee bituu barbaada

Ulaaga Dorgoommii

- ✓ Galma'aa VAT kan ta'e fi Lakk TIN kan qabu ragaa dhiheeffachu kan danada'uu/
- ✓ Haayyama daldalaa gosaa hojii irraatti dorgomuu kan qabu fi bara hojii 2018tiif hayyama isaa kan haaroomsiise/ yoo hin haarawoomsiin Sabaaba hin haarawomsiniif ragaa dhiheessuu kan kan dandayu.
- ✓ Waraqaa Ragaa dhihheessummaa kan qabu.
- ✓ Galmee dhiheesuummaa keessatti kan galmaa'ee ragaa dhiheeffachuu kan danada'uu.
- ✓ Gibira Bara 2017 Kan Kaffalee fi xumuruu isaatiif kiliraansii dhiheessuu kan danda'u.
- ✓ Yuuniyeenii,Waldalee hojii Gamtaa ,Federeshinii ulaagaa gaafatamee guutan dorgomuu ni dandayu.
- ✓ Waraqaa qaama seerummaa haaroomfame kan qabu (Yuuniyeenii,Waldalee hojii Gamtaa ,Federeshinii)
- ✓ Haaluma qajeelfamaatiin VAT funanamee walakkaa/7.5 muree hanbisuuf eyyamama kan ta'e /kan hin muruu taanaan ragaa qaama ilaallaturraa dhiheeffachu kan danda'uu.
- ✓ Dorgomaan sanada caalbasii hard koppii (Barrefamaan jiru) gaafa caalbaasiin bahee irraa kaasee haanga guyyaa hojii 15ffaatti ragaa qabuu koppii isaa dhiheeffachuun yeroo hojii mootummaatti Waajjira Galii Godina Baalee Bahaa irraa qarshii 500 (dhibba shan ) hin debine kaffaluun bitachuu danda'aa.
- ✓ Dorgomaan injifataa ta'uun isaa erga ibsamee fi ajajanni bittaa kennamee booda guyyaa hojii kudhan (15) keessatti manneen barnoota Ganada Aanoota bittaan kun hayyamameefi Godinichaa keessatti argaman Geejiba isaatiin fe'iinsa fi korsiisaa dabalatee geessuu kan dandayu.
- ✓ Kabachiisa Caalbaasii CPO qar. 500,000 (Kuma Dhibbaa Shan) maqaa waajjira Maallaqaa Godiina Baalee Bahaatin dalagsiisuun postaan addatti Samsamee harkatti qabatee dhihaassuu qaba.
- ✓ Dorgomaan dorgommidhaaf dhihaatu ragaa Teeknikaala Orjiinaala chaappaa isaatiin kan harawoomfame) fi ragaa Teeknikaala Koppii isaa kophaa kophatti gagaan saamsudhaan chaampaa , maqaa dhaabbataa , mallatoo ,Lakk. bilbila isaanii fi iddoon dhaabbani isaanii itti argamu gutuun deebisuu qabu.
- ✓ Dorgomaan ragaa Faayinaanshiyaala Orjinaala fi koppii isaa gara garatti gagaan saamsuun gatii meeshaa haqamaa fi laaqaamaa tokkoo malee gutuun chaampaa , maqaa dhaabbtaa , mallatoo ,Lakk. bilbila isaani fi iddoon dhaabbani isaani itti argamu gutuun deebisuu qabu.
- ✓ Guyyaan sanada dorgommii ittin dhihaatu /sanduqin caalbaasii cufamu/ guyyaa beeksifni bahe irra kaasee guyyaa hojii 16ffa ganama sa'aatii 3:30 ta'e , kan banamu ganama gaafuma sana sa'aatii 4:00 irratti Waajjira Maallaqaa Godiana Baalee Bahaa kutaa lak 8 bakka dorgomaan / bakka bu'aan seera qabeessaa argameetti,koree xiinxala caalbaasii bittaa meeshaa,Odiitarri Keessaa fi bakka bu'aan mana hojii Caalbaasiin qophaaheef argamanitti caalbaasiin ifatti ni banama.
- ✓ Guyyaan sanadni caalbaasi banamu guyyaa hojii ta'uu banana guyyaa hojii ittii anuutti kan banamu ta'aa.
- ✓ Sanadni dorgommii erga sanduqni caalbaasii saamsamee dhihaatu kamu fudhatama hin qabu.
- ✓ Dorgomaan injifataa ta'eef kabachiisa walii galtee %10 (kudhan) CPO aajaja bittaa keessaa qabsisuudhaaf feedhi kan qabu.
- ✓ Sanada yaada dorgommii irratti gatiin gutamee sirreessuuun hin danda'amu.
- ✓ Dorgomtoonni kan dorgomu danda'uu haala haayyama daldala qabaniin qofaan ta'ee kan dorgomuus haala hayyama daldala qabaniin ta'a.
- ✓ Dorgomaan Konkoolaataan fe'iinsaa 8(Saddeet) tii fi isaa ol ragaa Abbaa qabiyyee (Libree) ykn Waliigaltee Abbaa qabeenyaa waliin mallattahee dhiheessuu kan dandahu .
- ✓ Muuxannoo hojii Nyaata barattootaaa dhiheessuu kan qabu fi dhiheessuu isaanii ragaa dhiheeffachuu kan dandayu.
- ✓ Daakuun (CSB) Boqqoolloo 60% fi Qamadii 40% erga Walitti Makame Miikkadhaan Saamsamee akka Roobaan hin Miidhamneetti dhiheessuuf eeyyamamaa kan tahe.

**Hubachisaa**

- ➢ Waajjirri bittaa raawwatu dorgomicha gutumaan guututti /gar tokkeen haaqudhaaf mirga ni qaba.
- ➢ Dorgomaan ibsa barbaachisuu sanada caalbaasii keessatii argachuu nidanda'aa
- ➢ Waraqaa Eenyumaa National ID Kan qabu.
- ➢ kaffaltiin kan raawwatamu haala waliigalteetiin nyaataa bitamu iddoo mana barumsa gandaatti dhihessee Moodeela 19niin galii godhee Dispaachii fi nagahee seera qabeessaa waliin yeroo dhiheessuu ta'a. **Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0913810062, 0910373081ykn 0917557727 Waajjira Maallaqaa Godina Baalee Bahaa.**

## Boorana

**Caalbaasii Marsaa 2ffaa**

Godina Boorana Bahaatti Waajjirri Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo Manneen hojii Mootummaa Aanicha Keessatti argaamanif Meeshaalee Elektirooniksii, Meeshaalee Dhaabbii /Furniure/ , Uffata Seera Hojjattoota Mootumma bara bajaata 2018 Caal-baasii ifaatin wal-dorgomsisee bituu barbada kanaafuu caalbaasii irrattii dogomtotni hirmaachuu barbadaan, buu'urumaa kanaa gaditti ibsammen dhiyaatanii dorgmuu ni danda'u.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa bara kan haromsu isaan seera qabessa ta'ee , gibira bara kan ittin kaffalan,facaatii list/kennaa tajajilaa keessa raga sandootaa ittin galma'an fi galma'a Faayinsii fi Ragaa Lakkofsa TN fotoo Kooppii isaa sanadaa caal baasii walin qabsisaan dhiyyeessuu qabu
2. Dorgomtooni dhiyaatan galma'aa taaksii dabalataa (VAT) galmaa'uu isaanitiif raga fotoo kooppii dhiyeeffachuu kan danda'an ta'u qaba.
3. Dorgomtooni sanda Caalbaasii guyyaa beeksfini kun Gaazexaa kallacha Oromiyaatiin ba'ee eegalee guyyota hojii 15 /Kudha shan/ Keessaattii yeroo hundaa Sa'aati hojii maallaqa hin deebine qr.100 (Dhibbaa tokko qofa) Kaffaluun kutaa bittaa waajjira maalaqaa Aanaa G/Eeldallo dhiyaachuun sanadicha bitachuu ni danda'u
4. Dorgomaan kaamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan oolu gatii tilmammaa bittaa cheekii (CPO) Baankidhaan mirkanaa'e Sanada 2 Orijnaala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
5. Dorgomtooni sanada Caalbaasichaa Meeshaalee Elektirooniksii, dhaabbii xixxiqqa biiroo fi Meeshaalee Dhaabbii/Furniure/ keessaa poostaa saamsameen,Orjinaalaa fi Kooppii addaan baasuun guyyaa 27/02/2018 tti sa'aati 4:00 hanga sa'aati 6:00 tti Waajjiraa Maallaqaa Aannaa G/Eeldallo Saanduqa caalbaasicha kanaaf qophaa'ee keessa galchu qabu.
6. Caalbaasich Meeshaalee Elektirooniksii, dhaabbii xixxiqqa biiroo fi Meeshaalee Dhaabbii/Furniure/ keessaa gaafa 27/02/2018 tti sa'aatii 8:00tti dorgomtooni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii,akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti Waajjira Maalllaqa Aannaa Gumii Eeldallo Keessatti banama
7. Mo'ata Caal-baasii meeshalee ittin mo'atee hunda hangaa Waajjira Maallaqa Aanna Gumii Eledallo dhiyeessuu qaba.
8. Afaan Caal-baasichaa ittini geggeeffamuu afaan oromiffaatiin.
9. Waajjiricha filannoo fooyya'e yoo arggatee Caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegamedha. **Odeeffannoo dabalataaf Lakk.Bil 0916850368 fi 0916939884 Waajjirri Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo**

## Harargee

**Caalbaasii Lakk. 01/2018**

Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Godina Harargee Lixaatti Wajjirii Maalaqaa Bu/ Mag/Baddeessaa Waajiiroota Bu/Mag/Baddeessaa jala jiraniif meeshaalee Dhumoo fi Dhabbo,kan akka meshaalee baruu,quliquliina,Elaktironiiksii,farnicharota, gommaa konkolaataa,Uffata seeraa fi KKF caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barbaada. Kanaafuu Dhabbattooni Ulaagaa armaan gadii guuttan akka dorgomtan affeeramtanii jirtu.

1. Meeshaa gaafatamee qulqullinnaan Dhiyeesuf Gibira waggaa kan kafale fi Hayyama daldalaa kan haroomfatee ta'uu isaa raga dhiyeessuu kan danda'u.
2. Dorgomaan facaatii dhiiyyeesitoota keessaa galma'uu isaanii ragaa dhiyyeessuu kan danda'an ta'uu qaba
3. Dorgomatooni Taksii Dabalataa (VAT) galma'aa ta'uu isaa ragaa dhiyeessuu qaban.
4. Kabachisaa Caalbaasii **Qar. 40,000.00 {kuma afurtama} CPOn** Baankii seera qabeessaan mirkanaa'e Caalbaasin osoo hin banamin qabsisuu qaban.waldaaleen IMX qaama issaan gurmeeyissee irraa xalayaa wabumaa hamma qarshii gaafatameef wabii ta'u isaanii kan ibsu fidachu ni-danda'u.
5. Dorgomtoonni Sanada caalbaasii maallaqa hin deebine qarshi Qar.**500.00** {dhiba shan}Abba Taayitaa Galiiwwanii galchudhaan sanadaa caalbaasii Waajjira Maallaqaa Bu/Mag/Baddeessaa irraa fudhachun (bituun) ni dand'ama.
6. Caalbaasin Guyyaa Beeksisni kun bahee irraa eegalee guyyootaa hojji 15f dorgomtootaaf bana ta'a.
7. Dorgomtoonni Sanada caalbaasii guutanii Orijinaala fi koppii tokko guyyaa beeksifnii kun bahee irraa egalee guyyootaa hojjii waliti anan 15f sanduqaa dhimaa kanaf qopha'e keessaa galchu ni dandeessan.
8. Caalbaasin guyyaa **16ffaatt**i sa'aa **4:00** cufamee Sa'aa **4:30tti** dorgomtoonni ykn baka bu'aan (xalayaa baka bufamu issaa kan ibsuu) isaanii bakka argaman itti ni banama.
9. Dorgomtoonni ykn bakka bu'aan isaani jiraachuu baatanis caalbaasiin ni banama.
10. Baniinsi caalbaasii guyyaa hojii mootummaatiin ala yoo ta'e guyyaa hojjii mootummaa itti aanu banama.
11. Mo'ataan (Dorgoman) Meeshaalee ittin dorgomani mo'atan baassii geejibaa,Fee'insa fi busiisa offii isaaniitiin hanga kuta Qabeenyaa Wajjira Mallaqaa Bu/Mag/Baddeessaatti fiidani galii gochuu qaban.Dorgomtooni Meeshaalee barbadamu qulqullinaa fi baayyina barbadameen gutumaan guutuutti galchuu qaban.
12. Sammudni meeshaalee dorgomtootaan dhiyaatan dorgomtoota caalbaasii mo'amaniif nideebi'aaf
13. Meeshaaleen dhiyaate qulqulinna kan hin qabne yoo ta'e daldalaan(Dorgoman) baasii isatiin meeshaa jijjiru qaba.

Waajjirri yaada fooyya'aa fi filatamaa yoo argate caalbaasii gartokkeenis ta'e guutumaan guutuutti haquuf mirga qaba. **Odeeffannoo Dabalaataatiif Lakk. Bilb. 0920445588 ykn 0912399081 Godina H/Lixaatti Waajjira Maallaqaa Bu/Mag/Baddeessaa**

# Iluu Abbaa Booraa

**Caalbaasii Ifaa 1ffaa**

Godinaa Iluu Abbaa Boor Waajjira Mallaqaa Aanaa Algee Saachittii Waajjira Daandiiwwaanii Fi Loojististiksii A/Algee Saachii Hojii Daandiif bara baajataa 2018 keessa Maashinoota adda addaa kirreeffatee hojii ijaarsa daandii haaraa (cirracha uffisuuf) Maashinoota armaan gaditti caqasamaan dorgomsiisee hojjechiisuu barbaada

Sarara daandii Adaree-Duwwisoo 16 KM

Gosaa Maashinoota fi Ulaaga isaa

| T/L | Gosa Maashinaa | Moodeela | Bara Omisha Maashinaa | Safartuu | Gatii Sa'aati | Sa'aati waligala |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Greder | 40 Hp Cutter piller | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 2,000 |
| 2 | Scavater | 40 Hp Cutter piller | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 1,000 |
| 3 | Ruller | DYN | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 2,000 |
| 4 | Looderaa | | 2010booda | Sa'ati | 1 | 1,000 |
| 5 | Shower truck | 15,000 lit | 2010 booda | Biyajoo | Biyajoo 1 | 1,000 |
| 6 | Sinotruck | 16M3 | 2010 booda | Biyajoon | Biyaajoo 1 | 3,000 |

Ulaagaa

1. Kiraa Maashineeraa fi Hayyamaa Kirreessuu kan qabu
2. Waraqaa qulqullinaa kaffalaa gibiraa ta'uu ibsu A/Taayitaa Galiiwwanii irraa dhiyeeffachuu kan danda'u
3. Hayyama bara 2018 haara'e/haaraa dhiyeeffachuu kan danda'u
4. Waraaqaa Ragaa Dhiyeessummaa dhiyeeffachuu kan danda'u
5. Waraqaa ragaa Qaamaa Seerummaa dhiyeeffachuu kan danda'u
6. Galmaa'a VAT 15% kan ta'ee fi Gibira Mootummaa %2 ykn 3% kan kaffalu
7. Kabajachisaa Caalbaasii Ykn CPO Qarshii 100,000 (Kuma Dhibba tokko) qabsiisuu kan danda'uu
8. Lakkoofsa Adda kaffaltii gibiraa (TIN) Kan Qabuu.
9. Muxxannoo Hojii Wal fakkatuu kan hojjete kan dhiyyeffatuu
10. Dorgomaan Moo'e qarshii waliigalaa ittiin mo'ee irraa CPO 10% Wabii hojii gaaraantii baankii Beekamaa irraa qabsiisuuf dirqamaa qaba.
11. Gatii Fe'umsaa Maashinaa Loobeedii fiduu fi deebisuu Maashinarootaa ofii isaati kan danda'uu
12. Konkolaataa tajaajilaa hojjettoootaaf ('Service') abbaa balbala lamaa mo'ataan ofii isaatiif Kan dhiyeeffatu ta'a.
13. Bakka Bu'aan Waraqaa Bakka Bu'iinsaa seera Qabeessaa Abba Alanga irraa hard copy dhiyeeffachuu Kan danda'uu .
14. Dibaata Maashinaa ,boba'aa,Durgoo Opireetara fi Wantoota barbaachisuu Hunda Dhiyeessuu kan danda'uu
15. Dorgomtootni Sanada Isaani Financial fi Techinicaala isaa Kophaa kophaatti Originaal fi Kophiin Addaan Baasuudhaan Chaaphaa fi Mallattoo isaanii itti gochuun dhuyyeeffachuu qabu
16. Dorgomtootni Guyyaa gaafa Caalbaasiin kun ba'ee 06/02/2018 hanga Gaafa 04/03/2018 Waajjira Maallaqaa Aanaa Algee Saachii Kutaa Bittaa Lakk 13 tti dhiyaatanii Qarshii hin deebinee Qarshii 500(dhibba shan) qofa Kaffaluun akka bitatan isin beeksisaa.
17. Guyyaan Caalbaasiin banamuu bakka abbaan dhimmaa ykn bakka bu'aan argametti gaafa guyyaa 05/03/2018 Waajjira Maallaqaa A/Algee Saachittii sa'aatii 3:30 irratti Banamee Sa'atii 4:00 irrattii Cufama.
18. Waajjirrii Fillaannoo biraa yoo argate caalbaasicha guutuummaan guututii haquuf mirgaa guutuu qaba.

**Oddeeffaanoo Dabalaataaf Lakk.Bilbila 0917273702/ 0913357097 Waajjiraa Maallaqaa Aanaa Algee Saachi**

**Caalbaasii Ifaa 1ffaa**

Godinaa Iluu Abba Boor Waajjiraa Mallaqaa Aanaa Algee Saachittii Waajjiraa Daandiiwwaanii Fi Loojististiksii A/Algee Saachii Hojii Daandiif bara baajataa 2018 keessa Maashinoota adda addaa kireeffatee hojii Suphaa daandii Maashinoota armaan gadittii caqasamaan dorgomsiisee hojjechisuu barbaada.

Sarara daandii Obboloo Yeeroo –Hagayyoo Bagoos 12.3 KM fi Diphaa- Coqorsaa Dooyyuu 7.148 KM

Gosa Maashinootaa fi Ulaagaa isaa

| T/L | Gosa Maashinaa | Moodeela | Bara Omisha Maashinaa | Saf. | Gatii Sa'aati | Sa'aati waligalaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Greder | 40 Hp Cutter piller | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 1500 |
| 2 | Scavater | 40 Hp Cutter piller | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 1,000 |
| 3 | Ruller | DYN | 2010 booda | Sa'ati | 1 | 1,500 |
| 4 | Looderaa | | 2010booda | Sa'ati | 1 | 1,000 |
| 5 | Shower truck | 15,000 lit | 2010 booda | Biyajoo | Biyajoo 1 | 1,000 |
| 6 | Sinotruck | 16M3 | 2010 booda | Biyajoon | Biyaajoo 1 | 3,000 |

Ulaagaa

1. Kiraa Maashineeraa fi Hayyamaa Kirreessuu kan qabu
2. Waraqaa qulqullinaa kaffalaa gibiraa ta'uu ibsu A/Taayitaa Galiiwwanii irraa dhiyeeffachuu kan danda'u
3. Hayyama bara 2018 haara'e/haaraa dhiyeeffachuu kan danda'u
4. Waraaqaa Ragaa Dhiyeessummaa dhiyeeffachuu kan danda'u
5. Waraqaa ragaa Qaamaa Seerummaa dhiyeeffachuu kan danda'u
6. Galmaa'a VAT 15% kan ta'ee fi Gibira Mootummaa %2 ykn 3% kan kaffalu
7. Kabajachisaa Caalbaasii Ykn CPO Qarshii 500 (dhibba shan) qabsiisuu kan danda'uu
8. Lakkoofsa Adda kaffaltii gibiraa (TIN) Kan Qabuu.
9. Muxxannoo Hojii Wal fakkatuu kan hojjete kan dhiyyeffatuu
10. Dorgomaan Moo'e qarshii waliigalaa ittiin mo'ee irraa CPO 10% Wabii hojii gaaraantii baankii Beekamaa irraa qabsiisuuf dirqamaa qaba.
11. Gatii Fe'umsaa Maashinaa Loobeedii fiduu fi deebisuu Maashinarootaa ofii isaati kan danda'uu
12. Konkolaataa tajaajilaa hojjettoootaaf ('Service') abbaa balbala lamaa mo'ataan ofii isaatiif Kan dhiyeeffatu ta'a.
13. Bakka Bu'aan Waraqaa Bakka Bu'iinsaa seera Qabeessaa Abba Alanga irraa hard copy dhiyeeffachuu Kan danda'uu .
14. Dibaata Maashinaa ,boba'aa,Durgoo Opireetara fi Wantoota barbaachisuu Hunda Dhiyeessuu kan danda'uu
15. Dorgomtootni Sanada Isaani Financial fi Techinicaala isaa Kophaa kophaatti Originaal fi Kophiin Addaan Baasuudhaan Chaaphaa fi Mallattoo isaanii itti gochuun dhuyyeeffachuu qabu
16. Dorgomtootni Guyyaa gaafa Caalbaasiin kun ba'ee 06/02/2018 hanga gaafa 04/03/2018 Waajjira Maallaqaa Aanaa Algee Saachii Kutaa Bittaa Lakk 13 tti dhiyaatanii Qarshii hin deebinee Qarshii 1,000 $^{xx}$/100(kuma tokko) qofa Kaffaluun akka bitatan isin beeksisaa.
17. Guyyaan Caalbaasiin banamuu bakka abbaan dhimmaa ykn bakka bu'aan argametti gaafa guyyaa 05/03/2018 Waajjira Maallaqaa A/Algee Saachittii sa'aatii 3:30 irratti Banamee Sa'atii 4:00 irrattii Cufama.
18. Waajjirrii Fillaannoo biraa yoo argate caalbaasicha guutuummaan guututii haquuf mirgaa guutuu qaba. **Oddeeffaanoo Dabalaataaf Lakk.Bilbila 0917273702/ 0913357097 Waajjiraa Maallaqaa Aanaa Algee Saachii**

# Beeksisa Caal-baasii Siinqee EMPOWERED. TOGETHER BANK

**Lakk.BS/ KTS/003/2018**

| T. L | Maqaa Liqeeffataa | Maqaa Nama qabeenya qabsiisee | Damee Liqeesse | Teessoo Qabeeya Caalbaasiif dhiyaatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal'ina Lafichaa | | | | Ka'umsa Caalbaasii Qarshiidhaan | Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeeffamu | | Marsaa Caalbaasii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Qabeenya Caalbaasiif dhiyaate | Magaala/Kutaa Magaalaa/Aanaa/ Ganda | Lakk. Kaartaa | Bal'ina Lafaa | | Guyyaa | Sa'atii | |
| 1 | Saamiraawwit Warquu Habte Gabriel | Ashannaafii Dastaa Alamar | Agamsaa | Mana jireenyaa | Magaalaa Sulultaa Ganda 01 | SUL/2066/2002 | $200m^2$ | 4,009,311.27 | 8/3/2018 | 4:00-6:00 | $2^{ffaa}$ |
| | | Masrashaa Warqineh W/Masqal | Agamsaa | Mana jireenyaa | Magaalaa Sulultaa Ganda NMA | SUL/2067/01 | $200m^2$ | 3,341,793.66 | 8/3/2018 | 8:00-10:00 | $2^{ffaa}$ |
| 2 | Fedhashi Abdiisaa Mucee | Galataa Barbaadaa Tolasaa | Qarsaa | Mana jireenyaa | Aanaa Qarsaa Mag. Qarsaa Ganda 01 | 2/150027/32/2012 | $200m^2$ | 699,241.33 | 8/3/2018 | 4:00-6:00 | $2ff^{aa}$ |

**Baankiin Siinqee W.A Qabeenya armaan gadii bu'uura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya'etti) kennameefiin gurguruu barbaada**

**Dambiiwwan Caalbaasii:**

1) Dorgomaan ykn bakka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsa Caalbaasichaa $1/4^{ffaa}$ Ajaja Baankii /C.P. O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisuun galmaa'uun dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasiicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee xumuruu qaba. Kan hin xumurre yoo ta'e, qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a.
2) Dorgomaan caalbaasii irratti gatii ol'aanaa dhiyeesse caalbaasichaa mo'aachuu isaa qaama dhimmi ilaaluun erga mirkanaa'een booda xalayaa mo'aataa ta'uu isaa ibsu kennamaaf.
3) Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O'n qabsiisan guyyuma sana deebi'aaf.
4) Caalbaasii irratti argamuu kan danda'u dorgomaa, liqeeffataa fi qabsiisaa qabeenyaa ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
5) Caalbaasichi kan adeemsifamu bakka qabeenyoti kunneen argamanitti ta'a.
6) Kaffaltii jijjirraa maqaa akkasumas kaffaltii liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/ mo'ataan battala Caalbaasii mo'atee qabee kan kaffalu ta'a.
7) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'insa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.
8) Baankichi karaa mijaawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen haquuf mirgi isaa kan eegamedha.
9) Namni qabeenya Caalbaasiif dhiyaate kana ilaaluu barbaadu, Dameelee liqeessaa beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda'a.
10) Dorgomaan moo'ataa caalbaasiti kan jedhamu moo'ataa ta'uu isaa kan ibsu barreeffamaan yeroo xalayaan harka isa gahu qofadha
11) Dorgomaa moo'ataa caalbasii ta'eef baankichi bu'ura poolisii liqaa, Qajeelfamaa fi haal duree jiruutiin liqaa hanga 50% mijeessuu danda'a.
12) Odeeffannoo dabalataaf: Lakkoofsa bilbilaa Baankii Siinqee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Agamsaa, 0912695856, Damee Qarsaa, (0910576438), ta'e irratti bilbiluun gaafachuun ni danda'a.

**Baankii Siinqee W.A**

# Shawaa

**Waamicha Caalbaasii Ifaa**

Mootummaan Naannoo Oromiyaatti Waajjirrii daandiiwaanii fi loojistiksii Godinaa Shawaa Kaabaa Piroojektii Ijaarsa Riiqaalee Aanaalee sadii kessatti hojjechisuuf bajata kaffaltii pirojektii armaan gaditti ta'eef oluu ramaduun caalbaasii ifaa biyyoolessaa baasuun dhaabbilee ijaarsaa ulaagaa sanada caalbaasii keessattii taa'ee guutaan dorgomsiisee hojjechisuu baarbaada, Haalumaa kanaan Odeffanoowwaan pirojektii riiqaalee kanaan waaliin walqabataan gabatee armaan gadii irratti agarsiifameera;

| Lakk. | Maqaa Riqichaa | Dheerina (M) | Godina | Aanaa | Hamma Wabii Kabachiisa Caalbaasii (Qarshin, "IT") | Turtii Yeroo Ijaarsi Fudhatu (Guyyaa Kal.) | Ỳeroo Haalduree Ijaarsaa (Guyyaa kal.) | Galii Wagga Kan Ijaarsaa Gidduu Galeessaan (Qar. IT.) | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Riqicha Laga Kattaa | 20 | Sh/kaaba | Barraak | 450,000 | 365 | 15 | 50,000,000 | |
| 2 | Riqicha Laga wasarbii | 20 | Jiddaa | | G/Jaarsoo | 450,000 | 365 | 15 | 50,000,000 |
| 3 | Riqicha Laga Jagee | 18 | | | 450,000 | 365 | 15 | 50,000,000 | |

Dorgomtoonni fedhii qaban ragaalee armaan gadii dhiyeessuu qabu

Dorgomtoonni Abbaa Taayitaa Konistraakshinii oromiyaa ykn Ministeera Konistraakshinii Federaalaa irraa Waraqaa Ragaa Gahumsaa Ogummaa Ijaarsa waliigala/ ijaarsaa Daandiitiin Sadarkaa 5ffaa (GC/RC-5) fi isaa ol yeroo turtii caalbaasiichatiif haaromfamee fi ragaalee sanadaa barbaachisoo biroo sirrummaa dorgomaa ibsan kan qabaatan yoo ta'u, kunis of keessatti kan qabatu: -

i.Hayyama daldalaa yeroo caalbaasichaatiif haaromfamee seera qabeessa ta'e gosa daldalaa inni irratti bobba'e kan agarsiisu, Akkasumas Galmee Daldaalaa dhiyyefachu qaba.

ii.Ragaa TaaksiiDabalataa qabeenyaa (VAT)f galmaa'uu isaa agarsiisu Abbaa Taayitaa galiiwwanii irraa

iii.Ragaa qulqullinaa kaffalti taaksii agarsiisu kan Abbaa Taayitaa Galiiwwani irraa kenname hanga guyyaa caalbasiin galutti yeroon turti isaa kan irraa hin dabarree ta'u ibsu.

iv.Waraqaa raga akkaataa seerota bittaa biyyatti keessa jiruun galmee dhiyeessitootaa keessatti galmaa'uu isa ibsu fi caalbaasii mootummaa irratti hirmaachuu danda'uu isaa dhiyyefachuu qaba.

1. Caalbaasiin kan gaggeeffamu hojimaata caalbaasii dorgommii biyyaalessaan yoo ta'u, Hirmaachisuummaan dorgomtoota biyya keessaa hundaaf akkaataa sanada caalbaasii keessatti adda baafamee fi ibsameen ta'aa.

   Dorgomtoonni ulaagaa guutaan sanadaa caalbaasii, tuuta guutuu fakkii injinariingii kan kaayyoo caalbaasiidhaaf barbaachisaa ta'e fi odeeffannoo dabalataa argachuuf teessoo armaan gadiitiin sa'aatii hojii waajjiraatti argachuu ni danda'u. Tuuta sanadoota caalbaasii guutuu afaan Oromiffaatiin qophaa'an dorgomtoota fedhii qabaniin iyyata barreeffamaa teessoo armaan gadii irratti dhiyeessuun kaffaltiin hindeebine ETB 1000 (kuma tokko), Baankii Sinqeetti maqaa Waajjiira Maallaqaa go/shawaa Kaabaatiin kaffaluudhaan guyyaa jalqabaa beeksisni bahe irraa eegalee hanga yeroo xumuraatti bituun ni danda'aama.

2. Dorgomtoonni sanada caalbaasii Invilopi sadii keessatti piropozaala teeknikaa, wabii kabachiisa caalbaasii fi piropozaala faayinaansii of keessaa qabu adda addaan dhiyeessuun dirqama.Hojimaanni caalbaasii hordofamuu qabu Sadarkaa Laman kan raawwatu yoo ta'uu; kan hojimaata Invilopi sadii qabuudha. Ulaagaa Sanadni Gahuumsa Teekinikaala, dhiyeessii faayinaansii fi Wabii kabachisa Caalbaasii Invilopi adda addaa sadii keessatti samsamuu qaba. Invilopi jalqabaa gahumsaa Teekinikaala of keessaa qabu irratti "Gahumsa Teekinikaalaa Pirojektii (AkkaataSanadaCaalbaasii GTOC KeessaattiiBarreeffameenHaagaluu). jedhamee ifatti katabamuu qaba.Invilopi lammaffaa wabii kabachisaa caalbaasii of keessaa qabu irratti "Wabii kabachisa Caalbaasii Pirojektii (AkkaataSanadaCaalbaasii GTOC KeessaattiiBarreeffameenHaagaluu). kan jedhu yoo ta'u, Invilopi sadaffaa dhiyeessii faayinaansii of keessaa qabu irratti ammoo "Dhiyeessii Faayinaansii Pirojektii (AkkaataSanadaCaalbaasii GTOC KeessaattiiBarreeffameenHaagaluu). Akkaataa wal duraa duubaan jiruun Invilopiwwaan sadan Invilopi Haadhoo tokkoo keessa galchuun gubbaa Invilopi Haadhoo irratti "Gahumsaa Teekinikaala, Wabii kabachisaa Caalbaasii fi Dhiyeessii Faayinaansii Pirojektii (AkkaataSanadaCaalbaasii GTOC KeessaattiiBarreeffameenHaagaluu). jedhamee barreefamuu qaba.Sanadootni teeknikaa orijinaala tokko, koppii tokkoffaa fi koppii lammaffaan Invilopi kopha kophaatti samsuun poosta tokko keessatti samsamuu qabu. wabii kabachisaa caalbaasii kophati samsama. sanadootni dhiyeessi faayinansii orijinaala tokko, koppii tokkoffaa fi koppii lammaffaan Invilopi kopha kophaatti samsuun poosta tokko keessatti samsamuu qabu. Postan sadan kopha kophatti samsamee postaa Haadhoo tokkoo keessa galchuun samsamame dhiyaachu qaba.

3. Caalbaasiin kun guyyaa beeksisnii kun bahee irraa eegalee guyyoota hojii walittii aanaan 21f qillensaa irra ergaa olee booda guyyaa 22ffaa SYD dhiyaatu bakka dorgomaan ykn bakka bu'aan seera qabeessa ta'ee argameettii sa'aatii 8:00ttii cufamee guyyumaa kanaa sa'aatii 8:30 tti Waajjiraa maallaqaa Go/Sha/kaabaattii Kan Banamuu yoo ta'uu, Guyyaan Baaninsa Caalbaasii guyyaa hojii yoo ta'uu baatee Guyyaa hojii ittii anuuttii kan hojirra oluu ta'a. Sanadnii Caalbaasii yeroon hin dhiyyaanee kufaadha.

4. Madaalliin sadarkaa lamatti kan raawwatamu yoo ta'u, dursa odeeffannoo gahumsaa teeknikaa itti aansee faayinaansii dorgomtoota madaallii gahuumsa teeknikaa darbaanitti. piropozaaliin faayinaansii dorgomtoota kaan banamuu Waajjiraa Maallaqaa Go/Sha/Kaabaattii madaalliin piropozaala teeknikaa xumuramuu isaa guyyaa koreen teeknikaa fi raggaasistuu beeksiisee ta'aa.

WDL Go/Sha/Kaabaa filannoo foyya'aa biraa yoo argatee caalbaasii kana gaartokkeen ykn Guutuumattii haquuf mirgii isaa kan eegameedha.**Odeeffannoo dabalataaf Lakkoofsa Bilbilaa 0111353114 ykn 0111350095 bilbiluun qulqulleeffachuun ni danda'aama.Teessoo: - Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaa, Magaalaa Fiichee.Waajjira Maallaqaa G/Sh/Kaabaa**

# Raawwii Karoora hojii . . .

Sagantaa leenjii adda marsaa 3ffaa Gargaartoota Abbootii Alangaa 100 simataman keessa 97 (dhi.81 fi dub.16) leenjii xumursiisuun gahuumsi isaani mirkanaa'ee gara hojiitti bobbaafamanii jiru. Waliigala bara kana sagantaa leenjii hojiin duraatiin ogeessootni 277 leenjii xumuranii gara qaamolee haqqatti akka makaman taasifamee jira.

Leenjifamtoota marsaa 18ffaa namootni199 simatamanii leenjirra turan keessaa 197(dhi.138fi Du.59) shaakallii qabatamaa xumuruun yeroo ammaa gabaasa qorannoosaanii dhiyeessanii jiru. Gama birootiin ogeessota qaamolee haqaa hojiirra jiraniif leenjii dandeettii cimsu kennuun hojii hojjetameen leenjii hojii irraa yeroo dheeraatiin namootni 29 (dhi 25fi dub. 4) leenjii xumuruun gara hojiitti akka deebi'an taasifamee jira. Sagantaa leenjii hojiirraa yeroo gabaabaatiin ogeessota seeraa qaamolee haqaa 5,061f leenjii kennamee jira.

Gama biraatiin rakkoolee hojimaataa qaamolee haqaa keessatti mul'atan adda baasuuf qorannoo Shan (1ffaa Yakkoota Dubartootaafi Daa'immanirratti Raawwataman Ittisuufi To'achuu. 2ffaa sirna to'annoofi hordoffii hojiirra olmaa seeraa. 3ffaa sirna kenniinsaafi madaallii hubannoo seeraa hawaasaa. 4ffaa sakatta'a Itti quufinsa Tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa. 5ffaa sakatta'a madda rakkoolee qulqullina kenna tajaajila abbaa seerummaa Manneen Murii Oromiyaa) jedhu irratti geggeeffamee bu'aan isaa workishooppiif dhiyaatee jira.

Dandeettii raawwachiisummaa cimsuuf leenjifamtoota hojiin dura ILQSO irraa bahan gargaartota Abbootii seeraa 93 (dhi.66 fi dub. 27) gumiidhaan muudamanii gara Mana Murtiitti makamanii jiru. Gama birootiin hanqina Abbootii Seeraa sadarkaa Manneen Murtii Aanaatti mudate furuuf ogeessota seeraa Yuniversitii adda addaarraa bahan dorgomsiisuun gargaartonni Abbootii serraa 116 (dhi.100fi dub.16) calalamanii gumiidhaan muudamanii Manneen Murtii Aanaatti ramadamanii jiru.

Gama biraatiin rakkoo waajjiraa sadarkaa Aanaatti jiru furuuf hirmaannaa uummataa fi qaamolee adda addaa irraa deggersa maallaqaa qar. 535,092,096 tilmaamamuun Manneen Murtii Aanaa 25 irratti ijaarsa geggeeffamaa ture keessaa 5 ijaarsa xumuranii jiru. Manneen Murtii Aanaalee 46 suphamaa ture keessaa 41 xumuramee jira.

***Gabaasa raawwii hojii MMWO bara 2017 irraa kan fudhatame***

# Ispoortii



## Biyya xiqqoo waancaa addunyaa bara 2026'f dabarte- Keep Verdee

Biyya ummanni kuma 500fi kuma 25'n qofti keessa jiraatu Keepp Verdeen kolonii Poorchugaal jalaa erga baatee bara kana waggaa 50ffaa isheeti.

Odoloota xixiqqoo garba Atilaantikiirratti argaman keessaa tokko kan taate biyyi kun, biyyoota Afrikaa keessa biyya baay'ina ummataa xiqqaa qabaachuun beekamtuudha.

Keep Verdeen yeroo waggaa 50ffaa bilisummaashee kabajataa jirtutti ijoolleen ishee 11 dirree kubbaa miilaa irratti seenaa boonsaa galmeessisuun waancaa addunyaa bara 2026 qopheessummaa Ameerikaa, Meeksikoofi Kaanadaatiin geggeeffamuuf dabarteetti.

Bal'ina lafaa Iskuweer kiiloo meetira kuma 4 kan qabdu biyyi kun, seenaa waancaa addunyaa waggaa 96 keessatti biyya lafa xiqqoo irra qubattee hirmannaa dorgommichaa mirkaneeffatte taateetti. Kana dura biyyi xiqqoon dorgommichaaf gahuun riikardii qabattee turte bara 2006tti waancaa addunyaa Jarmanitti taphatameen Tiriinidaadiifi Toobeegoo turte.

Gama lakkoofsa ummataan ammoo Ayislaandii ummata kuma 300 qabattee bara 2017tti waancaa addunyaa Raashiyaarratti hirmaatetti aanun biyyaa 2ffaa baay'ina ummata xiqqaan waltajjii guddaa kubbaa miilaa addunyaaf dabarte taateetti.

Gulaallii waancaa addunyaa zoonii Afrikaan ramaddii D jala kan turte Keep Verdeen bu'aa bahii hedduu keessa darbuun abjuushee milkeeffatte.

Biyyattiin taphoota 10'n ramaddii kanaan taphatte keessaa 7 injifattee lama qixxee baatee tokkoon mo'amuun qabxii 23'n waancaa addunyaaf darbite.

Ramaddichaa keessa biyyi Andiree Onaanaafi Biriyaan Mbemoo Kaameeruun argamtus Keep Verdee waancaa addunyaa irraa hambisuu hin dandeenye. Tapha ramaddii xumuraan kaleessa Istaadiyeemii biyyaleessaa Keep Verdeetti Eswaatinii kan keessumeessite biyyattiin goolii 3 fi1n injifatte.

Guyyaa seena qabeessa kana ammoo lammiilee biyyatti kumaatamaan lakkaawwaman dabalatee pirezidaantiin biyyattii Joozee Maariyaa Peereez Istaadiyeemitti argamuun hordofaniiru.

Lammiileen biyyattii injifannoo biyyasaanii erga dhagahanii booda magaalaa gudditti isaanii Piriyaatti gammachuusaanii ibsataniiru.

Pirezidaantiin waldaa Federeeshinoota kubbaa miilaa addunyaa Jiyaan Infaantiinoon ergaa gammachuu lammiilee biyyattiif dabarsaniiru.

Keep Verdeen kubbaa miilaan kan milkoofte halkan tokkoon miti. Biyyattiin waggoota 15'nan darban kubbaa miilaa irratti sirnaan investi goote. Keessattuu bu'uuraalee misoomaa kubbaa miilaa babal'isuufi guddina Ispoortii guddatoota irratti xiyyeefannaan hojjachuun isaan milkeessee jira.

Waancaa Afrikaarrattis yeroo jalqabaaf bara 2013 hirmaachuun yeroo lama nuusa xumuraaf qaqqabdeetti.

Waggoota shanan darban garicha leenjisaa kan ture taphataan garee biyyaaleessa Kee Verdee duranii Peediroo Birittoo "Baabistaan" garee ittisaa cimaa "taaktika" qindaa'aafi saffisaan gara fuulduraa deemu gurmeessuu danda'eera.

Taphatoonni garichaa muuxannoo idil-addunyaa qaban kanneen akka Riyaan Meendez, Diylaan Taavaareez, Jaamiroo Monteeyiroofi Voozinhan milkaa'ina garichaa keessatti ga'ee ol'aanaa bahataniiru. Etv Afaan Oromoo irraa odeeffanne.